



**“Kaayyoon miseensa garee ‘BRICS’ ta’uu Itoophiyaa inni olaanaan dinagdeeshee guddisuurratti xiyyeeffata”**

- Biraanuu Danuu (PhD)

**fuula 6**



Ambaasaaddar Diinaa Muftii

## Hidhi laga Abbayyaa marsaa afraffaaf guutame wajjummaa biyyoota miseensa yaa’a lagichaa cimsaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Milkaa’inni guutiinsa Hidha Abbayyaa marsaa 4ffaa wajjummaa biyyoota miseensa yaa’a lagichaa cimsaa jiraachuu Ambaasaaddar Diinaa Muftii ibsan.

Mana maree bakka bu’oota ummataatti miseensa koree dhimma alaa kan ta’an Ambaasaaddar Diinaan ibsa dheengadda Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, guutiinsi Hidha Abbayyaa marsaa 4ffaan wajjummaa biyyoota miseensa yaa’a laga Abbayyaa gara oliifi gadii cimsaa jira. Hidhichi Itoophiyaa keessatti yeroo hidhamu biyyoota ollaa Itoophiyaa jiraniif qisaasama bishaanii xiqqeesuu bu’aa waloosaanii dabalun wajjummaa biyyoota kunneenii akka cimsu taasisaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, bishaan Hidha Abbayyaatti marsaa afraffaaf hidhamaa jiru tarbaayinii anniisaa elektirikii maddisiisu sochoosuun gara

Gara fuula 21tti



## Oromiyaatti yaa’iinsi turistii biyya keessaafi alaa dabalaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa sektaroota isa jala jiran Komiishinii Turizimii Oromiyaa, Giddugala Aadaa Oromoofi Inistiitiyuutii Qorannoo Oromoo waliin ta’uun torban darbe raawwii hojii bara 2015fi kallattii hojii baranaarratti mari’ateera. Waltajjicharratti raawwiin hojii bara darbeefi kallattiin hojii baranaa dhiyaatee hirmaattotaan marii bal’aan irratti taasifameera.

Hogganaan Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa Obbo Huseen Fayyisoo akka jedhanitti, biirichi bara 2015 gama aadaafi turizimiiin hojiilee gurguddoo raawwateera. Hojiilee gama kenna tajaajilaatiin raawwatamaniinis bu’aawwan gurguddoon galmaa’aniiru. Ciminootaafi hanqinoota bara darbee adda baasuudhaan ciminoota jiran ittifufsiisuufi hanqinoota ammoo guutaa deemuun kallattii hojii ijoo bara 2016 ta’uus eeraniiru.

Hojii Inistiitiyuutiin Qorannoo Oromoo bara darbe gama aadaafi seenaa Oromoo qorachuutiin taasisaa tureen bu’aawwan gurguddoon seenaa dabe sirreessuuf

Gara fuula 22tti


## Barnoonni SAFUU sirna barnootaa keessatti hammatamuun dhaloota duudhaa ganamaatti deebisa

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Naannoo Oromiyaatti erga barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu eegalee waggoonni 31 lakkaa’amaniiru. Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuun dhaloota dorgomaafi ofitti amanamummaa qabu akka uumamu gochuun milkaa’inni akka galmaa’u taasiseera. Tibbana ammoo barnoonni safuufi Kiidpiruunarii jedhaman akka sirna barnootaa keessa galanii barsiifaman taasifameera.

Safuun seera hariiroo uumaafi uumama jidduutti gochoota ta’uu qabaniifi hinqabne adda baasuudha. Safuun, kanneen akka quxisuufi hangafa, ilmaaniifi warra, ofiifi nama biraa jidduu kabajni jiraachuu itti ibsamuudha. Safuun, yeroo akka cidhaa, Gadaa, ayyaanaa, lolaa, nyaataafi gochoota biroo keessatti seera itti raawwataniidha.

Gara fuula 21tti



Kitaabota eebbifaman

## Ayyaanonni Daamaraafi Irreechaa nagayaan akka kabajamaniif qophii gahaan taasifameera

Taammiruu Raggasaatiin

**Finfinnee:** Ayyaanonni Daamaraafi Irreechaa bara 2016 nagayaan akka kabajamaniif qophii gahaan taasifamuu Biiron Nageenyaafi Tasgabii Magaalaa

Finfinnee beeksise.

Hoggantuun biirichaa Aadde Liidiyaa Girmaa ibsa Kamisa darbe Miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, dhimma kabaja ayyaanota kunneeniirratti biirichi qooda fudhattoota waliin marii taasisaa jira.

Ayyaanotni kunneen karaa nagayaan akka kabajamaniif biirichi osoo jiini Fulbaanaa hinseenin dursee qophii eegaluu ibsaniiru.

Hawwaasni magaalichaa ayyaanonni kunneen bifa isaan madaaluufi

Gara fuula 21tti

# ODUU

## Abbayyaa: Hidha miira wajjumaafi ni danda'amaa mirkaneesse

**Finfinnee:** Hidhi Abbayyaa Afrikaanota hedduuf akka Adwaa lammaffaatti kan lakkaa'amuufi miira ni danda'amaa kan mirkaneesse ta'uun ibsame. Hidhichi dandeettii hidhawwan biroo hojjechiisuu dandeessisu kan uume ta'uunis eerameera.

Wayita qondaaltonni olaanaan mootummaa qophii addaa bara haaraa 2016 bakka Hidhi Guddichi Abbayyaa ijaaramaa jirutti kabajanitti Ministirri Muumme Abiyi Ahmad (PhD)fi Ministirri Muumme Ittaanaafi Ministirri Dhimma Alaa Obbo Dammaqaa Makonnin marii taasisaniin; hidhichi Afrikaanota baay'eeff akka Adwaa lammaffaatti kan lakkaa'amu ta'uu; hojiin hidhichaa miira ni danda'amaa kan dhugoomseefi Itoophiyaan biyya kaampaanii qabaatee hidhawwan walfakkaatoo biroo hojjetu akka taatuuf humna kan uume ta'uu dubbataniiru.

Akka Ministirri Muumme Abiyi jedhanitti, Hidhi Abbayyaa maqaafi bifa danuu kan qabuudha. Kan gartokkoon qofa hindubbifamne, namoota hidhicha hojjetaniin; ummoota Itoophiyaa akka hidhichi hojjetamuuf barbaadan akkasumas humnoota hiika hojjetamuun hidhichaa Afrikaanotaaf qabuun deeggaraniifi mormaniif hojii ibsama hedduu qabuudha.

Gama dippilomaasiitiin Itoophiyaan biyya guddittiidha jedhanii, hidha guddicha,



paarkiiwwaniifi industiriiwwan guguddoo akka barbaachisus eeraniiru. "Jijjiiramaa as mul'ata hojii guddaa, qulqulluufi ce'aa haa hojjennu jedhu qabna. Bu'uuruma kanaan hojjetaa jirra" jedhan.

"Agarsiistuuwwan kanaa keessaa tokko Hidha Abbayyaa ta'uu ibsuudhaan "Hidhichi Afrikaanota hedduuf akka Adwaa lammataatti, akkasumas kan bilisummaa, ofdanda'uu, kadhaa jalaa boqochuu, mallattoo misoomaa waan ta'eeff nu qofaaf otoo hintaane Afrikaanota danuuf barumsa ta'a" jechuuni kan dubbatan.

Qurxummiwwan baay'een hidhicha keessatti akka argamaniifi kunis Abbayyaan nyaata ta'uu eeranii; bishaan ummata Itoophiyaa waggoota danuu obaasuu danda'u kan qabateefi anniisaa olaanaa elektirikii akka maddisiisuufi kanaanis ibsaa argachuudhaan hojii mana keessaafi babal'ina industiriitiif faayidaa guddaa kan qabu ta'uu beeksisaniiru.

Hojiin misoomichaa naannawa qabbanceessaafi magariisa gochaa miidhagina uumamaasaa akka gonfachiiseefi gama turizimii ikootiin faayidaa damdaneessa kan qabu ta'uu Doktor Abiyi himaniiru.

Bakkichatti hojjettoonni kumoota hedduutti lakkaa'aman akka argamanis eeruudhaan; kanneen keessaas harki 99 Itoophiyaanota ta'uufi beekumsa hojjechaa argatan otoo adda adda hinfaca'iin walittiqabamanii Itoophiyaan otoo kaampaanii hinqabaatiin biyya humna hidhawwan walfakkaatoo hojjechuu dandeessisu kan itti umaniidha jedhan.

"Yoo humna kana qisaasamarraa eeguu dandeenye nuyiif hidhawwan haawaa hojjechuufi dandeettiin biyya biraatiif ta'u kan ijaarame natti fakkaata. Adeemsisaa garuu hidha qofa otoo hinaane dandeettii isa wajjin uumame faana" jechuun ibsan.

Kuufamni bishaanii qabeenya olaanaa ta'uu ibsuudhaan, Misiriifi Sudaaniif investimantii guddaadha jedhanii, "Nuti bishaan hanganaa qabannee Sudaanfi Misir hinbeela'an. Yoo waanti hamaan jiraate akka maallaqa baankii taa'ee kan sharafamu jechuudha. Bishaan danuu qabachuun Itoophiyaarra ce'ee faayidaa daangaa ce'uu kan qabu waan ta'eeff hundaafuu faayidaa guddaa qaba" jedhan.

"Uumaan Itoophiyaan imaanaa kennameef fudhattee bahachuu dandeesi jedhee waan nuu kenneef nutis amanamnee haala tasgabbaa'een otoo eenyuyuu hinmiidhiini kan bishaanicha qabanne" jechuudhaan

Gara fuula 21tti



### "Jaarraa 21ffaatti qabsoon afaan qawweetiin taasifamu hinmilkaa'u"

- Ahmad Hasan (PhD)

#### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Jaarraa 21ffaa keessatti 'qabsoon' afaan qawweetiin adeemsifamu lubbuu lammiilee galaafachuurraa eessayyuu ga'uu hindanda'u jedhan Hayyuun Saayinsii Hawaasaafi Namummaa.

Yunivarsiitii Finfinnee, Giddugala Qorannootti Qorataan Saayinsii Hawaasaafi Namummaa Ahmad Hasan (PhD) ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf addatti kennaniin akka jedhanitti, bara addunyaan teknolojiifi kalaqawwan garagaraatiin fagaachaa jirtu keessa taa'ani afaan qawweetti amanuun fufummaadha.

Akka ibsasaaniitti, biyyi qabeenya uumamaatiin badhaate Itoophiyaan kaansarii barootaaf gadi ishii lakkisuu dide walitti bu'iinsafi walfixuu jedhamu qabdi. Walitti bu'iinsi biyya kanaa jaarraawwan hedduuf ishii qoraa ture.

Gara fuula 22tti

## Hojiin baruufi barsiisuu bara 2016 naannawaa gammoojjii Oromiyaatti Fulbaana 7 eegala

#### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Hojiin baruufi barsiisuu bara 2016 naannawaa gammoojji Oromiyaa hundaatti Fulbaana 7 irraa akka eegalu Biiron Barnoota Oromiyaa beeksise.

Sadarkaa Hogganaa Ittaanaatti, Gorsaan biirichaa Obbo Efireem Tasammaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, hojiin baruufi barsiisuu bara 2016 naannawaa ggammoojjii Oromiyaa hundatti Fulbaana torba, naannawaa baddaafi badda dareetti Fulbaana 14 eegala. Akka naannootti barattoota miliyoona 11.4 simachuuf baatilee darbanitti qophii bal'aan taasifamaa turuus himaniiru

Akka ibsa isaaniitti, biirichi hojiiwwan inisheetiivii barnootaa boqonnaa qophiitiin manneen jireenya barsiisotaa kuma lamaafi 227 qopheesseera. Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa ijaaraman baay'eensaani hojii jalqabaniiru. Mana kitaabaa ijaarsuu, kitaabolee mootummaan dhiyeessuufi ummataarraa walittiqabamu akkaasumas, midhaan nayaata barattootaa dhiyeessuu dabalatee hojiiwwan gurguddoon raawwatamaniiru. Barattoota miliyoona 11.4 galmeessuuf karoofame keessaa hanga ammaatti miliyoona 9.7 kan galmaa'an yoo ta'u, kanneen hafanis haga Fulbaana 7tti akka galmaa'aniif guyyaan gamee dheerateera.

Waajjira Barnootaa Godina Qellem Wallaggaatti, Abbaa Adeemsa Sirna Barnootaa Obbo Darajee Taaffasaa akka jedhanitti, hojii baruufi barsiisuu bara 2016 eegaluuf boqonnaa qophiitti hojiiwwan gurguddoo raawwatamaniin qophiin barbaachisu taasifameera. Hawaasaafi ogeeyyii baranootaa hirmaachisuudhaan



Obbo Darajee Taaffasee



Obbo Efireem Tasammaa



Obba Awwal Abdallaa



Obbo Baandiraa Galaanaa

naannawaa mana barnootaa mijataa taasisuuf hojii suphiinsa daree barnootaafi teessuma barataa raawwatameera. Galmeen barattootaas hanga ammaatti dhibbeentaa 90 ol xumurameera.

Ittigaafatamaa Waajjira Barnootaa Godina Shawwaa Lixaa Obbo Baandiraa Galaanaa akka jedhanitti, godinichatti hojii baruufi barsiisuu bara 2016 eegalchiisuuf qophiin bal'aan boqonnaa qophiitti taasifameera. Manneen barnootaa bu'uura boruu 320 ijaaruunis danda'ameera. Manneen jireenya barsiisotaa 466 ijaamuun manneen barnootaa 335 hirmaannaa hawaasaan suphuun danda'ameera jedhu.

Akka godinichaatti barattoonni kuma 650fi 877 galmaa'uu himanii, kanneen hafan

ammao guyyoota hafan keessatti akka galmaa'aniif waamicha kan dhiyeessan Obbo Baandiraan, barnooti furtuu waan hundaa ta'uu hubachuun hawaasniifi qaamoleen tola oolotaa hundi deggerasa akka taasisaniif waamicha dhiyeessaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Barnoota Godina Harargee Lixaa Obba Awwal Abdallaa gamasaaniin, hojii baruufi barsiisuu baranaa eegalchiisuuf boqonnaa qophiitti hirmaannaa ummataan manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa, manneen jireenya barsiisotaa ijaaruufi suphiinsa manneen barnootaarratti xiyyeeffachuun hojeetamaa tureera. Hirmaannaa taasifameenis barattoonni kuma 900fi 45 galmaa'uuniiru.

# Ijoo Dubbii

## Bara barnootichaa miira haaraafi qophii addaatiin

Barachuun jiruufi jireenya ofii keessatti muuxannoo dabalataa ittiin ofis ta'e biyya ofii jijjiiran kan nama gonfachiisu yoo ta'u, muuxannoo maatiifi hawaasa keessa jiraatanirraa horatan barnoota ammayyaatiin deeggaruun imala jijjiiramaa kan ittiin si'eessaniidha.

Baratanii caalanii argamuun kutaa lakkaa'uu, yunivarsiitii seenanii bahuu osoo hintaane waan baratan hojii qabatamaatti jijjiiruun ofiifis ta'e biyya ofiif bu'aa buusuuf kan nama humneessu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo cimaa barbaaduudha.

Dhaloonni baratee ofis ta'e biyyasaa jijjiiruuf mul'ata qabu takkaan barnoota qulqullina qabuun ijaaramuu; takkaanimmoo waan barate sana hojiitti hiikee qorannoofi qo'annoo rakkoo hiikuu qabu hojjetee argamuun biyyasaatiif wabii ta'uu qaba.

Kun akka milkaa'uuf mootummaan humna qabuun hojjetaa kan jiru yoo ta'u, dhaloonnis kana beekke of kennee barachuun irraa eegama.

Yeroo barachaa deemnu qabeenya uumamaa maal maal akka qabnu sakatta'aa deemuun barbaachisaadha. Maaliif yoo jenne eebbifamnee hojii eggachuu jalaa baanee misoomawwan gara garaarratti bobbaanee of jijjiiruun akka dandeenyu kan nutaasisu waan ta'eefi. Kanaaf ammoo biyyi keenya qabeenya uumamaa hintuqamneen kan guutamteedha.

Barnoota barataniin qofa mindeeffamanii jijjiirama fiduu yaaluun hangas mara quufsaadha jechuun hindanda'mu. Sababnisaas manni barumsaa fala wal'aansoo jireenyaa itti injifannu kan nubarsiisu ta'uu mala malee eggattummaaf kan nusaxilu ta'uun irra hinjiraatu.

Kun waan ta'eef kutaa gadiirraa jalqabani barnoota ofiif xiyyeeffannoo kennuudhaan darbees barnoota qalamaa cinatti hojii ogummaafi kalaqaatiinis of ijaaraa deemuun dirqama yeroon barbaaduudha.

Namoonni uumamumaan dandeettii kalaqaatiin ga'umsa qaban jiru. Kanneen shaakalliidhaan beekumsa horatanis tokko lama miti. Isa waajjira galee hojii mootummaa hojjetuun olitti kan ogummaadhaan of ga'oomsee hojii dhuunfaasaa hojjetutu dinagdeen cimaa baha.

Haata'utii ilaalcha boodatti hafa dhalootatti fe'ameen mana barnoota teekniikiifi ogummaa seenanii barachuu akka filannoo lammaffaatti ilaaluun namoota baay'ee duubatti hambiseera.

Sababnisaas dargaggoonni barnoota teekniikiifi ogummaatiin gahumsa horatan dhaabbilee dhuunfaasaniin banachuura darbanii hojdhabeeyyii hedduuf carraa hojii bananiiru. Carraa hojii isaan bananimmoo galaa dhaloota dhufutti darbuufi dhaalamu waan ta'eef egereefis abdiidha.

Kanaafuu, akkuma mootummaan barnoota qulqullina qabu waliin gahuuf humna qabuun hojjetaa jiru dhaloonni barnootarra jirus dhamaatee haadhaafi abbaasaa deebisuurra darbee ofiifi biyyasaaf wabii ta'uuf miira haaraadhaan of qopheessuutu irra jiraata.

Barnoonni barannu kan rakkoof nusaaxilu osoo hintaane kan rakkoo itti hiiknu akka ta'uuf ammuma, yeroo barnoonni bara haaraa itti eegalamu kanarraa kaasnee xiyyeeffannoo guddaa kenninee akeekaaf barachuun barbaachisaadha.

Barnoonni furtuu jireenyaati gaafa jedhamu kan bu'aa bahiin jireenyaa, gidiraan addunyaa ittifuramuudha malee qubee lakkaa'uu ykn maqaa ofii barreessuufi dubbisuuf qofa kan tajaajilu taasisnee ilaaluun nurra hinjiraatu.

Kanaafuu bara barnootaa 2016 kana miira haaraafi qophii addaatiin simachuun sadarkaa gadiirraa hanga dhaabbilee barnoota olaanaatti xiyyeeffannoo kenninee dhaloota ga'oome, qorannoofi qo'annoodhaan badhaadhe ta'uu akka maniitti qabanneef akeekaaf haa barannu. Hawaasni dhaabbilee barnootaafi maatiinis milkaa'ina manii kanaatiif gumaachasaanii bahachuu qabu.

**Bara barnootaa gaarii!**



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.  
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,  
Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii  
1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Gulaalaan**  
**Charinnat Hundeessaa**  
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08  
[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)  
[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)  
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**  
*Saamraawit Girmaa*  
*Natsaannat Taaddasaa*  
*Bayyanaa Ibraahim*  
*Waaasihun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**  
*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**  
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**  
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**  
*251-011-1-5698-62*  
*L.S.P 30089*  
*email-bariisaa@press.et*

**Ethiopian Press Agency**

# Yaada

## Ergaawwan guyyoota Qaam'ee nu wajjin fulla'uu qaban

### Charinnat Hundeessaatiin

Guyyoonni jahan baatii Qaam'ee bara 2015 haala adda ta'eeni kabajamee kan darbe. Guyyoota kanneeniif moggaasawwan adda addaa kennamuun ergaawwan ciccimoo akka haphee namatti qabachuu malaniin waa'elchamanii kabajamaniiru.

Haaluma kanaan, Qaam'een 1 guyyaa Tajaajilaa, 2 Wareegamaa, 3 Tola Ooltummaa, 4 Omishtummaa, 5 Dhalootaa fi Qaam'een 6 Guyyaa Tokkummaa jedhamaniiti kan kabajaman.

### Itoophiyaa tajaajiluu

Biyyaafi ummata tajaajiluun carraafi ittigaafatamummaa guddaa bara jireenyaati. Namni hundi hanga dhalatee dachee kanarra jiraatutti biyyaafi hawaasasaa tajaajiluuf ittigaafatamummaa namoomaa qaba.

Garuu hunduu tajaajiluuf carraa walqixa argachuu dhiisuu mala. Kanneen tajaajilaaf carrooman muraasota Waan ta'eef tajaajilummaan ayyaanta'uudha. Tajaajilummaan ayyaanta'uu akka ta'e hubannee bakka irratti bobbaanetti ummataafi biyya sirnaan tajaajiluudhaan jireenya hiika qabu jiraachuun gamatti qaama seenaa biyya tokkoo ta'uuf murteessuun hunda keenyarraa eegama. Guyyichi mataduree Itoophiyaa haa tajaajillu jedhuuni kan kabajame.

### Biyya wareegamummaan cichitu, Itoophiyaa

Itoophiyaan mana wajjummaa keenya dhaloonni dhufaa darbaan aarsaa boonsaadhaan cimseedha. Mana wajjummaa keenya tana har'a fudhachuu kan dandeenyeef wareegama gootonni biyya keenyaa kanfalaniini.

Aarsaanbarootaaddaaddaatti walabummaafi kabaja biyya keenya Itoophiyaaf kanfalame muuxannoo ijaarsa mootummaa akka gabbifattu ishee gargaareera. Tokkummaa sabdaneessummaanshii akka cimuuufis bu'uura buuseera.

Aarsaawwan tokkummaa Itoophiyaatiif, ijaarsa sirna dimokraasiifi federaalizimii dhugaadhaaf kanfalamanis har'a firiiwwan daran baay'ee godhataniiru.

Ammaan tanas nageenya Itoophiyaa mirkaneessuuf, tokkummaa biyyaa ittifufsiisuuf akkasumas badhaadhinaa hundagaleessa dhugoomsuuf aarsaan kanfalamaa jira. keessumaa, gaachana ummataafi biyyaa kan ta'e Raayyaan Ittisa Biyyaa keenya dahannoo wareegamummaadhaan tokkummaa biyyaa cimsaa jira. Poolisiin Federaalaa, humnoonni nageenyaaf tikaas guutummaatti Itoophiyaa cimsuuf guyyaa guyyaadhaa aarsaa kanfalaa jiru.

Biyyaafi ummata gara badhaadhina olaanaatti ceessisuufi faayidaa biyyaalessaa kabachiisanii tursiisuun kan danda'amu aarsaa biyyaaf kanfalamuuni. Aarsaa kanaaf beekamtii kennuu barbaachisa.

### Gaarummaan biyyaafi

Tola ooltummaan kenna boqonnaa sammuu irraa argannu, gammachuu itti uumnu, biyyi ittiin misoomtu, kan qaama keenyaan badhaafamneedha. Gaarummaan waan qabeenya irraa hafa qabnuuf kan



raawwannu otoo hintaane humna kuufamaa namni kamuu gonfateedha.

Oggaa kenna kana gara gochaatti jijjiirru jireenya namoota kaanii kan jijjiiru, imimmaan namoota rakkina keessa jiranii kan qoorsuudha. Kun ammoo madda gammachuuti.

Tola ooltummaan Itoophiyaanotaaf riqicha wajjummaa, funyoo ykn wadaro walitti hidhamiinsaa ta'ee duudhaa guddaa kaleessaa hanga har'aatti haalota gidirsoo danuu ceessiseedha. Tola ooltummaa kanaan manneen diigaman hedduun haareffamaniiru. Kanneen kan isaan yaadatu hinqabne mana argataniiru, imimmaan baay'otaas haqameera.

### Bitattummaarraa gara omishtummaatti

Itoophiyaan biyya ijoollee omishtoota qaxaleeti. Itoophiyaan omishtootaafi kaffaloota gibiraa galateeffamoo biyya ceessisuuf hojjetan horachuu eegalteetti.

Biyyi keenya waggoota shanan darbanitti qormaatawwan danuu keessa dabartus qonnaafi horsisee butoota ciccimoo waan qabduuf omishni midhaaniifi loonii daran guddateera.

### Itoophiyaa, biyya ida'ama dhalootawwanii

Dhalataan har'aa dhaalaa kaleessaati. Egere ammoo ashaaraa har'aatiin ijaarama. Waanti gaariifi yaraan kaleessaa akkuma isa har'aatiif waa kaa'e, hojiin har'aas carraa egeree sirriitti murteessa. Kun dhugaa hinjijjiiramneedha.

Akkuma waantonni gaariin kaleessaa har'aaf duudhaa ta'anii tajaajilan taateewwan gadheen kaleessaas madda walitti bu'iinsaafi yaadamawwan boodatti hafoo dhaloota har'aa ta'anii akka ittihinufneef xiyyeeffannaan hojjechuu barbaachisa.

### Wajjummaa

Waa'ee wajjummaa irradeddeebiidhaan dubbachuu kan barbaachiseef waan ittifufuu keenyaaf wabii nuu ta'uufi. Oggaa wajjummaa Itoophiyummaa jenu gamtaa uumaniibiyya keenyaaaddookamirraayyuu eeguufi kan badhaate gochuudhaan gama hundaan fayyadamummaa haqaqabeessa mirkaneessuufi yeroo qormaataas wajjummaan dhaabachuudhaan faayidaa biyyaalessaa keenya mirkaneessuudha jedha ibsi Tajaajilli Kominikeeshinii Mootummaa RFDI guyyoota kanneen ilaalchisuun kenna ture.

# ODUU



## Bara Bajataa 2016 Magaalaa Shaggaritti carraa hojii namoota kuma 180f uumuuf karoorfame

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Bara bajataa 2016 Shaggaritti carraa hojii namoota kuma 180f uumuuf karoorfachuu Waajjirri Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalichaa beeksise.

Hogganaan waajjirichaa Obbo Wandoosan Taammiruu ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, carraa hojii danuu uumuuf Shaggar magaalaa carraa guddaa qabduudha.

Magaalaan Shaggar bakka argama industiriiwwan gugudoofi albuudota garagaraa waan taateef kanatti fayyadamuun carraa hojii baay'ee uumuuf karoora hiixataa qopheessuun hojiitti kan galame akka ta'u ibsaniiru.

Karoora kana galmaan gahuuf waajjirichi akaakuuwwan inisheetivii kanneen akka inisheetivii industirii godoo, horsiisa beeladaa, omisha dammaa, horsiisa booyyee, albuudaafi horsiisa qurxummiitti fayyadamaa jira.

Akka baroota darbanii osoo hintaane amma magaalattiin poteenshaala duguugdee itifayyadamaa jirti kan jedhan Obbo Wandoosan pirojeektinni bara bajataa kana gara hojiitti galan keessatti qofa carraa hojii kuma 100 uumuuf karoorfamuu ibsaniiru.

Hojii albuudaarrattis hojii dhabdootaaf carraa hojii uumuuf magaalattiin potenshaala guddaa qabdi jedhanii, kanaafis waajjirichi qooda fudhattootasa waliin ta'uun qabeenya albuudaa kanaan dura abbootii qabeenya maxxanaa tokko tokkoon qabame harka baasuun hojii dhabdoota irratti gurmeessaa jirra jechuun ibsaniiru.

Shaggar magaalaa ummatni Oromoo keessatti qabeenya horatu ni taasisna kan jedhan ittigaafatamichi, magaalattiin hundeeffamtee ji'a sadii keessatti hojii dhabdoota kuma 117f carraa hojii uumu danda'uushiis eeraniiru.

Raawwii bara bajataa 2015 faana walbira qabaniin oggaa ibsanis, qabatee bara baajataachiitti waajjirichi liqii miliyoona 418fi sheeddii 1,400 intarpiraayizootaaf dhiyeessera. Intarpiraayizotni kunniin qarshii miliyoona 55 akka qusataniis taasifameera jedhan.

Seektaricha keessatti baayomeetirikitti fayyadamuun ragaa qabachuun malaammaltummaafi alseerummaa mul'achuu malu hambisuuf hojjetamaa jiraachuus himanii, baayomeetiriin namni tokko maqaa tokkoofi ashaaraa tokkoon iddoo lamaafi isaa olitti akka hingurmoofne kan dhorkuudha jedhan.

Hoji dhabdummaan rakkoo nageenyaafi rakkoo sirnaati kan jedhan Obbo Wandoosan, dhugaa kana yaada keessa galchuun hoji dhabdummaa hir'isuuf hojii waggaa 15 waggaa shan keessatti hojjechuuf kalaqaafi teknolojiitti fayyadamuun kutannoon hojjetamaa jiraachuu beeksaniiru.

Raawwii bara 2015n akka Oromiyaatti magaalichi lffaa bahuun irra deddeebiin magaalota Oromiyaa birootiif muxannoo qoodaa jiras jedhaniiru.

## Bara 2016tti Hidha Abbayyaatti yuunitii shan dabalataan eegalchiisuuf hojjetamaa jira

- Oromiyaarraa ijaarsa hidhichaatiif qarshii biliyoonni 4.9 ol gumaachameera

**Finfinnee:** Hidha Abbayyaatti abdi guddaadhaan eeggamaa ture guutiinsi bishaanii yeroo afraffaan guutamuun ni yaadatama.

Hogganaan Ijaarsa Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa Injiinar Kiflee Horroo qondaaltota olaanaa mootummaa bakka sanatti argamaniif ibsa kennaniin, ijaarsi Hidhichaa tarkaanfachaa akka jiru ibsaniiru.

Hidhichi kutaa bitaa, mirgaafi gidduu kan qabu yoo ta'u, kutaan bitaafi mirgaa hidhichaa sadarkaa 635 hanga 645 gidduutti akka ta'u injinaronni himaniiru. Kutaa bitaafi mirgaa xumuruuf meetira sagal hanga kudhanii qofa akka barbaachisus beeksaniiru.

Hidhichaa kutaa giddu galeessaa xumuruuf meetira 20 akka hafe dubbataniiru. Hidhichi kutaan giddu galeessaa waggaa tokko booda akka xumuramu beeksaniiru. Hojiin hafe riqicha gama bitaafi mirga hidhichaa walqunnamsiisu ijaaruu akka ta'e eeraniiru. Ji'a afur booda gama mirgaafi bitaa hidhichaa sadarkaa 645 akka gahus beeksaniiru.

Hidha kana irratti dhaabbileen elektiroomakaanikaal hojjetamaa akka jiran kutaan injinariigii beeksiseera; Hidhichi yeroo ammaa yuunitii lama waliin oomishaa kan jiru yoo ta'u, bara 2016tti yuunitii shan dabalataan hojiitti galchuuf hojjechaa akka jiran ibsaniiru. Bara haaraatti Hidhicha



Injiinar Kiflee Horroo

walumaagalatti yuunitii torba ni qabaata jedhameera.

Oduudhuma walqabateen, milkaahuu guutinsa bishaanii marsaa 4ffaa Pirojektii Hidha Haaromsa Guddichaa ilaalchisee, pirezdantii ittaanaafi walittiqabaa mana maree Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa

Hidha Haaromsa Guddichaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii ergaa gammachuu dabarsaniiru.

Dhiibbaa gara garaa keessaafi alaan irratti geggeefamaa ture dandamannee pirojektiiin kun sadarkaa kanarra gahuunsaa injifannoo

Gara fuula 19tti

## Ibsa Waajjirra pirojektii Qindeessaa Hirmaannaa Ummaataa Hidha Haaromsaa Guddicha Naannoo Oromiyaarraa kenname

**Ummanni Oromoofi saboonni, sablammoonni ummattoonni Itoophiyaa milkaa'uu guutinsa bishaanii marsaa 4ffaa Pirojektii Hidha Haaromsa Guddichaatiin бага gamaddan бага gammadne!**

Hidhi Haromsaa Guddichaa tokkummaan uummata keenyaa kan itti mul'ate injifannoo Aduwaa 2ffaa Itoophiyaati. Dhiibbaa gara garaa keessaafi alaan irratti godhamaa ture dandamachuun ijaarsi pirojektii kanaa sadarkaa bishaan marsaa 4ffaaf guutamuu irra gahuunsaa injifannoo olaanaa jaarraa kanaa biyyi keenya gonfattedha.

Injifannoon argame kunis injifannoo hoggansa jijjiramaan dhufe yoo ta'u, hoggansi jijjiramaa amma biyya bulchaa jiru ijaarsa pirojektichaa bakka du'ee kaasee lubbuu itti horuun sadarkaa kanaan gahuuf aarsaa guddaa kaffaleera. Uummanni naannoo Oromiyaas saboota, sablammootaafi uummattoota biyyattii waliin ta'uun bittaa boondiifi arjoomaan hanga har'aatti deggersa olaanaa ijaarsa pirojektii kanaatiif taasiseen milkaa'inni har'aa kun argamuu danda'eera.

Biyyi keenya liqiifi deggersa biyya tokkoo malee Pirojektii sadarkaa adunyaatti beekamu ijaaruu danda'uunshee gootummaa kalleessaa har'ammoo dirree misoomaatti irra deebi'ushee mul'isa. Lammiileen biyyattis hirmaannaafi gumaata guddaa ijaarsa pirojektii guddicha kanaaf godhaniin fedhiifi xiiqii misoomaaf qaban adunyaatti



agarsiisaniru. Hirmaannaa ijaarsa kanaaf godhame keessaattis uummanni naannoo Oromiyaa gahee dachaa fudhachuun hoggansa kennuu irraa kaasee qabeenya, humnaafi beekumsa isaa osoo hin waakkatin milkaa'ina ijaarsa pirojektii kanaaf qooda guddaa gumaacheera.

Gaaffiin misoomaa uummanni keenya qabu akka furamuu akkasumas imalli gara badhaadhinaatti godhamu akka milkaa'uu ijaarsa pirojektii Hidha Haaromsa Guddichaa xumuruun yeroo murteessa ta'erra geenyee jirra. Dhalooni haaraanis injifannoo xiiqeffannaafi tokkummaa

lammilee biyyatiitiin dhufe kana muuxannoo godhatee hiyyummaa seenaa gochuuf tokkummaan hojjechuu qabaata.

Kanaafuu Uummanni Naannoo keenyaafi saboonni, sablammoonni uummattoonni Itoophiyaa milkaahuu guutinsa bishaanii marsaa 4ffaatiin бага gamaddan jechaa, ummanni keenya akkuma kalleessaa deggersa ijaarsa pirojektiihaatiif godhu cimsee akka ittifufu waamicha dhiheessa.

**Waajjirra pirojektii Qindeessaa Hirmaannaa Ummaataa Hidha Haaromsaa Guddicha Naannoo Oromiyaa!**

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Kaayyoon miseensa garee ‘BRICS’ ta’uu Itoophiyaa inni olaanaan dinagdeeshee guddisuurratti xiyyeeffata”

- Biraanuu Danuu (PhD)

Natsaannat Taaddasaatiin

*Keessummaan Gaazexaa Bariisaa maxxansa kanaa Yunivarsitii Finfinneetti, Barsiisaafi Hayyuu Dinagdee kan ta’an Doktor Biraanuu Danuu yoo ta’an, gaafdeebii isaan waliin dhimmoota dinagdee Itoophiyaarratti xiyyeeffachuun taasifne akka armaan gadiitti dhiyaateera.*

**Bariisaa:** Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessanii gabaabaatti utuu nuuf ibsitani?

**Doktar Biraanuu:** Barumsa koo digirii tokkoffaa Yunivarsitii Finfinneetti baradheen Ikonomiksiidhaan eebbifame. Digirii koo lammaffaa ‘UK’, Liivaruulatti baradheen Baankiingi Faayinaansiifi Ikonomiksiidhaan xumure. Digirii saddaffaa ammoo ‘University of Bremen, Germany’ irraa Ikonomiksiifi Saayinsii Hawaasaatiin fudhadheera.

Yeroo ammaa Yunivarsitii Finfinneetti Kolleejii Bizinasiifi Ikonomiksiitti, Ikonomiksiidhaan Gargaaraa Pirofeesaraa, Leenjisa Olaanaa Gabaa Kaappitaalaa, Baankiingiifi Faayinaansii akkasumas Gorsaa Bulchiinsa Pirojektota deebi’anii ijaaruu walittibu’iinsa boodaafi to’ataa qorannoo barattoota cebbaf qophaa’anii ta’een hojjechaa jira.

**Bariisaa:** Itoophiyaan miseensa ‘BRICS’ ta’uunshee guddina dinagdee biyyattiif faayidaa akkamii qabaata?

**Doktar Biraanuu:** Itoophiyaan miseensa ‘BRICS’ ta’uunshee biyyoota gurguddoo akka Biraazil, Raashiyaa, Indiyaa, Chaayinaa, Afrikaa Kibbaa (BRICS)’ wajjin hariiroo gaarii uummachuushee agarsiisa. Kun ammoo nageenya biyyattiifuu baay’ee ni gargaara. Hanga ammaatti dinagdee Itoophiyaa of jala galchanii to’atanii kan jiran biyyoota Ameerikaafi Awurooppaa turan. Waantota hundatti sagalee guddaa kan qabaniifi kan hojiirra oolus kan jaraati. Gareen ‘BRICS’ hundaa’uun humna gartokkee ture kana xiqqooshee laaffisuu ni danda’a.

Jarris adeemsa isaanii ilaalanii akka of sirreessan ni taasisa. Ameerikaafi Awurooppaan biyyoota Afrikaa akka barbaadan gochuu barbaadu. Gareen ‘BRICS’ hundaa’uunsaa humna Ameerikaafi Awurooppaa laaffisuudhaan iddoo ofii akka beekaniifi biyyoonni isaan waliin hojjechaa turan isaan dhiisanii deema jiraachuu beekani akka of sirreessan taasisa.

Biyyoonni garee ‘BRICS’ hundeessan dinagdeedhaanis ta’e lakkoofsa ummataatiin akka laayyooti kan ilaalaman miti. Biyyoonni miseensa garee ‘BRICS’ ta’an kanneen akka Saa’ud Arabiyaafi Iraan ammoo biyyoota boba’aadhaan qabeenya guddaa horataniidha.

Gareen ‘BRICS’ gara fuulduraatti nootii maallaqaa ofiisaa ni qabaata. Itoophiyaan miseensa garichaa ta’uun carraa maallaqichatti fayyadamuu akka qabaattu



taasisuun dinagdee biyyattii guddisuu keessatti gumaacha guddaa qaba.

Dinagdeen Itoophiyaa biyyoota akka Ameerikaafi ardii Awurooppaatiin hidhamee waan tureef meeshaaleen biyyattiin alaa galchitu harki caalaan biyyoota Ameerikaafi Awurooppaarraati.

Itoophiyaan miseensa garichaa ta’uunshee hariiroo biyyoota Ameerikaafi Awurooppaa waliin qabdu kan laaffisu utuu hintaane iftoomina, walqixxummaafi faayidaa waliinii kabajani waliin akka ittifufan kan taasisuudha. Itoophiyaan miseensa garee ‘BRICS’ ta’uunshee garicha waliinis ta’e biyyoota Ameerikaafi Awurooppaa wajjin hojjechuuf carraa bal’aa akka qabaattu taasisa. Kaayyoon miseensa garichaa ta’uu Itoophiyaa inni olaanaan dinagdee biyyattii guddisuurratti kan xiyyeeffatuudha.

Kaayyoon Itoophiyaa inni guddaan faayidaa sabaafi biyyattii kabachiisuurratti hundaa’uun hunda waliin hojjechuudha malee gar tokko qofatti luucca’uu miti. Biyyoonni miseensa garichaa ta’an kanneen akka Chaayinaa warra Ameerikaafi Awurooppaa waliin gama dinagdee, daldalaafi teknolojiitiin dantaa baay’ee waan qabaniif wajjumaan hojjechaa jiru.

Itoophiyaanis garicha waliinis ta’e biyyoota Ameerikaafi Awurooppaa waliin karaa walqixxummaafi faayidaa biyyattii eegsisuun waliin ni hojjetti. Kun biyya keenyaaf carraa lama baneera. Biyyattiin omisha ishee biyyoota Chaayinaa, Raashiyaa Saa’ud Arabiyaafi kanneen

biroof akka dhiyeessitu taasisuun carraa gabaa bal’aa uumaafi. Hariiroo Itoophiyaan biyyoota Ameerikaafi Awurooppaa waliin qabdu utuu hin hir’atin cimee kan ittifufu ta’a.

Itoophiyaan biyyoota addunyaa guddachuuf carraa bal’aa qaban keessaa ishee tokko. Nuti warri waa’ee dinagdee baranne dhimmoota dinagdeerratti imaammata baafnee biyyoota hunda waliin hojjechuu qabna. Gareen ‘BRICS’ gara fuulduraatti guddachaafi babal’achaa deemuun addunyaarratti dhageettii cimaa horachuu waan danda’uuf waliin deemuufi socho’uun daran barbaachisaadha. Guddina dinagdee Itoophiyaa mirkaneessuuf omishaafi omishtummaa guddisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba.

Biyyoonni garee ‘BRICS’ hundeessan kanneen akka Chaayinaa dinagdeedhaanis ta’e teknolojiidhaan baay’ee deemaniiru. Itoophiyaan miseensa garichaa ta’uusheetiin carraa teknolojiwwan jaraa argachuufi ittifayyadamuu bal’aa ni qabaatti. Hindi teknolojiidhaanis ta’e humna nama baratee qabaachuudhaan biyya guddoodha.

Chaayinaafi Hindi biyyoota baay’ina ummataa biliyoona tokko, tokko waliigalatti biiliyoona (lamaa) ol qabaniidha. Meeshaalee adda addaa biyyoota kanneenirraa bituu qofa utuu hintaane, omishaalee isaanitti gurgurruun galii keenya guddisuurrattis xiyyeeffannee hojjechuu qabna. Miseensa garichaa ta’uun Itoophiyaa wantoota baay’eedhaaf nu fayyada.

**Bariisaa:** Biyyoota miseensa ‘BRICS’ ta’uuf gaafatan keessaa Itoophiyaan ulaagaa akkamiin filatamte?

**Doktar Biraanuu:** Itoophiyaan teessoo Gamtaa Afrikaafi dippilomaatota biyyoota addunyaa gara garaati. Karaa dippilomaasiitiin yoo fudhannes biyya akka laayyooti ilaalamtu miti. Itoophiyaan biyyoota Afrikaa baay’ee dhaga’aman keessaa ishee tokko. Seenaadhaanis yoo ilaalle, Itoophiyaan humna kolonii loltee injifachuun warraaqsa biyyoonni Afrikaa adda addaa bilisa ba’uuf taasisaa turan deggaraa turte.

Itoophiyaan yeoo dhiyoo as biyyoota addunyaa guddina dinagdee si’ataa galmeessisaa jiran keessaa tokko ta’uu Baankiin Addunyaafi Dhaabbanni Maallaqa Addunyaa yeroo gara garaa gabaasaa turaniiru. Tarkaanfii Itoophiyaan sagantaa ‘Ashaaraa Magariisaa’ milkeessuuf fudhataa jirtus hojii addunyaarratti qabxii guddaa kennisiisa.

Itoophiyaan jaarraa baay’eedhaaf biyya mootummaa mataashee dhaabdee rakkina itti dhufu keessaa ba’uudhaan biyya tokkummaashee eegdee turteedha. Sochii yeroo ammaa biyyattii dimokiraatessuuf taasifamaa jiruufi kanneen biroon walitti ida’amanii biyyattiin miseensa garee ‘BRICS’ taatee akka filatamtu taasisaniiru.

Gara fuula 7tti

## KEESSUMMAA BARIISAA

Itoophiyaan karaa seenaa, dippiloomaasiifi guddina dinagdeetiin biyyoota miseensa garichaa ta'uuf gaafatanirra ni wayyiti. Itoophiyaan qabeenya uumamaa guddaafi lafa qonnaa bal'aa isheerra darbee biyyoota biroo fayyadu waan qabduuf gara fuulduraatti kana caalaa guddachuuf carraa bal'aa qabdi.

**Bariisaa: Guddina dinagdee Itoophiyaa caalaatti fooyyessuuf maalirratti xiyyeeffatamuu qaba?**

**Doktar Biraanuu:** Guddina dinagdee Itoophiyaan galmeessisaa jirtu caalaatti si'eessuuf omisha qonnaa qofa utuu hintaane damee indastirii, tajaajila, tuurizimiifi kanneen biroo babal'isuurratti xiyyeeffatanii hojjechuun barbaachisaadha; rakkoon nageenyaa bakka gara garaatti mul'atus mariin furamuu qaba. Rakkoon nageenyaa bu'uuraalee misoomaa kanaan dura hojjetaman barbadeessuufi hojiileen misoomaa haaraan akka hinhojjetamneef ammoo gufuu ta'uudhaan dinagdee biyyaarratti dhiibbaa guddaa geessisa waan ta'eef dafee furamuu qaba.

Waraanni bajata guddaafi humna dargaggoota biyya misoomsaniifi ijaaranii guddaa waan barbaaduuf nageenya buusuun hojii waan hundumaa dursuu qabuudha.

Kan nagaan barbaaduu wajjin nagaan buusuun, kan nageenya hin barbaanne ammoo nageenya ummataafi biyyattii akka hin booressineef mootummaan ittigaafatamummaasaa bahachuufi olaantummaa seeraa kabajchiisuu qaba. Omishaafi omishtummaa guddisuun dinagdee biyyattii caalaatti si'eessuuf humna namoota hojiirratti babba'anii leenjisanii qopheessuunis baay'ee barbaachisaadha.

Karaa gara biraa ammoo dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuunis barbaachisaadha. Mootummaan dargaggoota waggaa waggaan yunivarsitiiwwan gara garaa irraa eebbifamanii ba'an hunda miindessuu waan hindandeenyeef hojii dhuunfaasaanii akka ummataniif maallaqaafi bakka hojii dhiyeessuufi qaba. Dargaggoota bal'inaan gara hojiitti galchuun nageenya buusuufis ta'e misoomaafi guddina dinagdee biyyaa si'eessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yeroo baay'ee walitti bu'iinsa keessa kan galu nama hojii hiikee jiruudha.

Guddina dinagdee biyyattii si'eessuuf tajaajilli mootummaadhaan kennamus fooyya'uu qaba. Mootummaan tajaajilasaa fooyyessuuf yaalii cimaa taasisaa jiraatus humni ibsaa yeroo gara garaa addaan ciccitaa jira. rakkoon kun Finfinnee keessattiyyuu yeroowwan adda addaa mul'achaa jira. Humni ibsaa addaan cituun ammoo hojiirratti dhiibbaa guddaa waan qabuuf rakkoon tajaajila ibsaarratti mul'atu dafee furamuu qaba. Humni ibsaa addaan ciccituun hanqina humna ibsaarraa utuu hintaane hojimaatnisaa rakkoo waan qabuuf kenniinsa tajaajila ibsaa kana fooyyessuun barbaachisaadha.

Keessumaa tajaajiloota fayyaa, ibsaa, bishaaniifi mana barnootaa daran fooyyessuun barbaachisaadha. Yaalii mootummaan tajaajilasaa fooyyessuuf taasisaa jiru cimee itti fufuu qaba. Hojjettoonni mootummaas ta'e dhuunfaa

tajaajiloota adda addaa kennan naamuusa hojii qabaachuu, sa'aatii hojii kabajuufi tajaajila guutuu ummataaf kennuu qabu. Waajjiraaleen mootummaas ta'e dhuunfaa hojjettoonnisaa namusa hojii akka gabbifatan taasisuu qabu.

Dippiloomaasiin dinagdee Itoophiyaan biyyoota alaa hunda waliin qabdu nageenya, walqixxummaan fayyadamuufi kennanii fudhachuurratti hundaa'uun cimee ittifufuu qaba. Hariiroo biyyoota hundumaa waliin qabnu caalaatti cimsuufi nagaan waliin jiraachuun baay'ee barbaachisaadha. Hariiroo biyyoota addunyaa waliin qabnu cimsuun omishaalee biyyoota alaarraa galchinuufis ta'e omishaalee keenya biyyoota gara garaatti erguuf carraa bal'aa uumuun galii keenya guddisuu keessatti gahee guddaa qaba.

**Bariisaa: Ittifayyadamni teknolojii guddina dinagdee keessatti gahee akkamii qaba? Sadarkaan ittifayyadama teknolojii biyya keenyaa kan biyyoota biroo waliin yoo madaalamu maal fakkaata?**

**Doktar Biraanuu:** Yeroo ammaa dinagdee, misoomaafi teknolojii adda baafnee ilaaluun hindanda'amu. Waan hundumaa fuulduratti kan tarkaanfachiisu teknolojiidha. Teknolojii yoo jennu akkaataa itti misoomaafi omisha keenya itti adeemsifnu ilaallata. Teknolojiin bakka adda addaa teenyee akka walquunnamnu taasisera. Teknolojii jechuun yaadaa haaraafi waan haaraa fayyadamuun akkamitti lafa xiqqoorraa omisha guddaa arachuu dandeenya jennee kan itti fayyadamnuudha.

Teknolojiin qabeenya uumamaa Rabbi nuuf kenne baay'ifnee utuu hinballeessin akkamitti waan xiqqoorraa waan guddaa arganna kan jedhuudha. Teknolojiin hojii qonnaa, indastirii, barnootaa, fayyaa, ibsaa, bishaanii, daandiifi kaffaltiiwwan adda addaa raawwachuu keessatti daran nu barbaachisa.

Teknolojii dijitaalawaa fayyadamuunis baay'ee barbaachisaadha. Teknolojiin kun faayiloota waraqaadhaan jiran dijitaallessuuf gargaara. Mootummaan Itoophiyaa teknolojii dijitaalawaa kana babal'isuuf karoora waggoota kudhanii baafatee hojjechaa jira. Biyyoota Afrikaa hunda caalaa 'Intalajansii Artifiishaalaa' hojiirra oolchuunis dura Itoophiyaatti jalqabame. Kun Itoophiyaan gama teknolojii dijitaalawaa babal'isuutiin yaalii cimaa taasisaa jiraachuushee agarsiisa. Yaaliin kun kanarra babal'atee itti fufee jennaan guddina dinagdee baay'ee cimaa nuuf fiduu danda'a.

Ittifayyadama teknolojii Itoophiyaa biyyoota addunyaa gara garaa waliin walbira qabnee yoo ilaallu, biyyoota tokko tokkorra wayyinu ammoyyuu hojii baay'ee nu gaafata. Baay'ina ummata biyya keenyaa miliyoona 120 ta'u keessaa hangamtu intarneetii fayyadama, hammamtu bilbila mobaayilii fayyadama jennee yoo ilaallu, biyyoota tokko tokkorra fooyyofnus kan keenya baay'ee gad bu'aadha. Namoonni akkuma faayidaa teknolojii hubachaa dhufaniin baay'inaan gara teknolojicha fayyadamuutti dhufuu danda'u.

Ittifayyadamni bilbila mobaayilii



**Guddina dinagdee Itoophiyaan galmeessisaa jirtu caalaatti si'eessuuf omisha qonnaa qofa utuu hintaane damee indastirii, tajaajila, tuurizimiifi kanneen biroo babal'isuurratti xiyyeeffatanii hojjechuun barbaachisaadha; rakkoon nageenyaa bakka gara garaatti mul'atus mariin furamuu qaba**

akkuma babal'ataa deemu ittifayyadamni intarneetii babal'ataa deema. Teknolojiin kun babal'achuun seeraafi qajeelfama mootummaan baase ummanni karaa bilbila mobaayilii argatee akka dubbisuufi hubatu taasisa. Teknolojiin kun mootummaan odeeffannoo barbaachisu dafee ummata biraan akka ga'uufis ni fayyada.

Teknolojii kana fudhachuurratti sammun nama tokko tokkoo banaadha. Namni tokko tokko ammoo suuta suuta erga faayidaasaa hubatee booda fudhachuu danda'a. Teknolojiin namoota hunda fayyada waan ta'eef namoota teknolojii fudhachuurratti suuta jedhan karaa miidiyaafi mana barumsaa dafanii barataniin akka ittifayyadaman gochuun barbaachisaadha.

**Bariisaa: Dargaggoonni misoomaafi**

**guddina biyyaa keenyaa mirkaneessuu keessatti gahee isaanirraa eegamu akka bahataniif maal gorsitu?**

**Doktar Biraanuu:** Baay'ina ummata Itoophiyaa miliyoona 120 ta'u keessaa %65-70 kan ta'u umurii dargaggummaa keessatti argamu jechuun ni danda'ama. Kun biyyattiin humna dargaggootaa guddaa kan qabdu ta'uu agarsiisa. Itoophiyaan biyya dargaggootaa waan taateef dargaggoonnis biyya kooti jedhanii fudhachuu, biyyattii eeguu, misoomsuufi guddisuuf socho'uu qabu. Namoonni wantoota hintaaneen qalbii dargaggootaa karaa nagaarraa maqsan darbanii darbanii ni mul'atu. Dargaggoonni garuu qilleensa qilleensa'u faana socho'uu utuu hintaane kan isaan baasu, isaanis ta'e maatiifi biyya isaanii fayyadu adda baafatanii beekuu qabu.

Dargaggoonni gaaffiif komii qaban karaa nagaan mootummaaf dhiyeessuu qabu. Karaa hintaaneen dargaggoota, maatii, ummataafi mootummaa burjaajessuun waan fidu tokko hinqabu. Kanaafuu dargaggoonni keenya waan isaan baasu adda baasanii beekuu qabu. Kan hunda keenya baasu karaa nagaan socho'uudha. Dargaggoonni gaaffii qaban karaa nagaan dhiyeeffachuufi deebiisaa eeggachuu qabu. Hoggantoonni mootummaa sadarkaa sadarkaan jiranis gaaffii dargaggootaa deebisuuf dammaqanii hojjechuu qabu.

Karaa gara biraa ammoo dargaggoonni gurmaa'anii hojjechuu qabu. Dargaggoonni gurmaa'anii bakka bu'aa filatanii karaa bakka bu'aasaanii sagaleessaanii dhageessifachuu danda'u. Dargaggoonni naannawaa isaanii eeguun karaa nagaafi seeraan kan kan socho'an yoo ta'e nageenyi ni bu'a. Nagaan buunaan dargaggoonni hojiilee adda addaarratti hirmaatanii hojjechuu, mootummaa, maatiifi hawaasarraas deggersa gara garaa argachuu danda'u. Kanaafuu dargaggoonni keessumaa nageenya biyyaa eegisuurratti gahee guddaa isaanirraa eegamu bahachuu qabu.

Gurmaa'uufi barachuun dargaggootaaf baay'ee barbaachisaadha. Dargaggoonni keenya barumsaafis ta'e carraa hojii uumame hundumaatti fayyadamuufi hojii kamirratiiyyuu hirmaachuuf of qopheessuu qabu. Dargaggoonni yeroosaanii araadaawwan gara garaa (jimaa qama'uu, dhugaatii alkoolii dhuguufi qumaarratti) balleessuurraa of qusachuu qabu. Har'a yeroosaanii wantoota hintaanerratti qisaasessuun jireenya egereesaanii waan balleessuuf har'a yeroosaaniitti sirriitti fayyadamuu qabu.

Dargaggoota humna misoomaa ta'anitti fayyadamuun guddina dinagdee biyyaa si'eessuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf mootummaan dargaggoota bal'inaan hojiitti galchuu, gaaffiisaanii deebisuufi deggarsa barbaachisu taasisuufiirratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba.

**Bariisaa: Ibsa bal'aa nuu kennitaniif baay'ee isin galateeffanna.**

**Doktar Biraanuu:** Isinis galatoomaa.

# Qarreefi Qeerroo



Bu'aa ashaaraa magariisaa keessaa (gaagura kanniisaa)



Wayita bu'aan argame daaw'atametti

## Ashaaraa Magariisaa: Sagantaa lafa miidhame deebisee misoomsuurra darbee dargaggootaaf carraa hojii uumaa jiru

### Bayyanaa Ibraahimiitiin

“Bosonni addunyaadhaaf barbaachisaadha” jechuudhaan namoota hubachiisuuf yaaluun “Sombi ilma namaatiif barbaachisaadha” jechuun barsiisuuf akka yaaluuti.

Barbaachisummaa biqilootaa daa'imummaarraa eegaluun barachaa guddannus manca'ina bosonaa garuu akka ummataatti hanbisuu utuu hindanda'in uwwisni qabeenya bosonaa yeroorraa yerootti hir'achaa dhufuudhaan haala qilleensa biyyattii waliigalaa rakkoo keessa galchuutti ga'ee akka ture seenaa baroota dhihooti.

Dhaabbanni Nyaataa fi Qonnaa Addunyaa Addunyaa (FAO) akkaataa gabaasa akka lakkoofsa faranjootaa bara 2020 baaseen waggaa waggaadhaan mancaatii dhaqqabuun qabeenyi bosonaa hektaara kuma 92n hir'ata.

Bal'inni lafa Itoophiyaa kaaree kiiloo meetira miliyoona 1.13 akka ta'e nibeekama. Bal'ina lafaa hamma kana keessaa lafti qotame dhibbantaan 15.2 qofa akka ta'e gabaasa waggaa Baankiin Biyyaalessaa waggaa darbe baaserra hubachuun ni danda'ama.

Lakkoofsi kun bara 1990 keessa dhibbantaan 45 ture jedhamuun kan galmeeffame ta'us, bara 2011 dhibbantaan 14.3 hanga 15.2 akka ta'u sanadoonni idiladdunyaa nimul'isu.

Qotamuu kan danda'u lafa kanaan ala lafti qabeenyi bosonaa irra jiru dhibbantaan naannawa 15 akka ta'e odeeffannoon Dhaabbanni Nyaataa fi Qonnaa Addunyaa baase ni cera.

Akka lakkoofsa faranjootaa bara 1990 qabeenyi bosonaa lafa hektaara miliyoona 19fi kuma 258 irra ture manca'uudhaan bara 2020 gara lafa hektaara miliyoona 17fi kuma 68tti gadi bu'era.

Akkaataa ulaagaa idiladdunyaatiin lafti huura dheerinnisaa meetira lama hincaalleen qabameefi akka bosonaatti hinlakkaa'amne lafa hektaara miliyoona 22fi kuma 394 akka ta'e tilmaamameera.

Bal'ina lafa waliigalaa Itoophiyaa hektaara miliyoona 111fi kuma 971 keessaa lakkoofsi kun xiqqaa akka ta'e kan nama walmormisiisu miti. Lafa hektaara miliyoona 17 bosonni irra jiru keessaa miliyooni 15fi kumni 865 bosona uumamaa yoo ta'u, harka namaatiin kan dhaabame garuu baay'ee muraasa.

Itoophiyaan bal'ina qabeenya bosonaa dabaluu socho'uu erga jalqabdee waggaa 100 lakkaa'ameera. Mootiin Minilik manca'uufi duwwaa ta'uu lafaa qofa utuu hintaane, hanqina qoraanii naannawa magaalotaa muudate furuuf jecha duula Baargamoo biyya alaatii fichisiisuudhaan akka biyya keessatti dhaabbatu taasifameen bal'ina bosonaa amma jiru keessaa dhibbantaan 1.7 akka qabatu taasaniiru.

Bara sirna ADWUI paarkii jedhamuun iddoowwan adda addaatti biqiltuun dhaabamaa akka ture kan yaadatamuudha. Keessumattuu Finfinnee, Kutaa Magaalaa Yakkaafi naannawa Wiirtuu Biqiltuu Gullalleetti akkasumas yaadannoo hoggantoota Afrikaatiif fuuldura masaraa mootummaatti biqiltuun akka dhaabame niyaadatama.

Kan kanaan dura haala kanaan dhaabaman sadarkaa maalirra akka gahan gabaasni mul'isu jiraachuu baatus, Qabbanaafi Lidataa darbee akkasumas imbaasii Ingiliiz duubatti kan dhaabaman bosona ta'uudhaan hanga bineensi keessatti horutti dukkanaa'aniiru.

Sirna kamuu keessatti biqiltuu dhaabuun dachee keenya magariisaa gochuudhaan qilleensa mijataan jiruufi jireenya dhala namaatiif tolu akka uumamu taasisa. Laggeeniifi haroowwan sababa gogiinsaatiin burqaan isaanii goge deebi'ee damdamatee faayidaa dhala namaatiif akka oolu taasisa.

Jiruu ummata keenyaa roobarratti hundaa'e waggaa guutuu bokkaa akka argatu taasisa. Horiifi dhalli namaa dawoo argachuurra darbanii rakkoo tokko malee waan ittiin jiraataniifi keessa jiraatan argatu. Godaansi lubbu qabeeyyiifi dhala namaa ni dhaabbata, hawwattummaan turiizimii ni dabala.

Faalumni qilleensa gubataa biyya keenyarraa dhabamsiisuu dandeessisa. Burqaan iddoo duudhaa ganamaatti deebiti. Bineensi bosonaa gara keenyatti godaanu. Dhiqamni biyyoofi bishaanii hafee burqaawwan gogan deebi'anii dhala namaa tajaajilu.

Dhaloonni injifataan dhaloota boruuf seenaa kaa'a. Dhaloonni injifataa qabeenya uumamaa jiru ofumaa fayyadamee kan darbu otoo hintaane waa'ee jireenya dhaloota egeree yaada, dhaloota ijaaruu immoo Sirna Gadaatu barsiisa.

Dhaloonni ammaa eenyummaasaa kaleessaatti deebi'uufi fagootti dhalootaaf yaaduun biqiltuu dhaabee kunuunsee boru lammiif galaa kaa'uu qabutu gorfama.

Ummanni keenya biqiltuu dhaabuufi kunuunsuu muuxannoo guddaa qaba. Kanaaf muuxannoo jaarraa hedduuf waliin jiraate kanneen haaromsachuun dachee ofii irra jiraatu yeroo gabaabaa keessatti biqiltuun uwwisee magariisaa taasisuu qofa osoo hin taane, biqiltuwwan dhaabbataniifi lafa bosonoomeen immoo carraan hojii bal'aan uumamaa jiraachuu dargaggootni gama kanaan carraa hojii uummachaa jiran ni ibsu.

Dargaggoo Fayyoo Gadaa Aanaa Adaamaatti dargaggoota lafa biqiltuun irratti dhaabbatee bosonoome keessatti hojii damma baasuurratti hirmaachuuf carraa argatan keessaa isa tokko yemmuu ta'u, Biqiltuwwan sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin dhaabaman yeroo ammaa lafa miidhamee ture deebisee bayyanachiisaa jiraachuu bira darbee dargaggoota hedduuf carraa hojii uumaa jiraachuusaa dubbata.

Oromiyaa galaana dammaa taasisuudhaaf inisheetiivii bara 2013 magaalaa Jimmaatti Pirezidaantiin naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaatiin ifoome bu'ureffachuudhaan iddoo isaaniif kennamerratti gurmaa'anii horsiisa kanniisaafi damma baasuuf yeroo ammaa gaagura dammaa hammayyaa fudhachuusaaniis ni ibsa.

Akka yaadasaatti, dargaggootni barnootasaanii hanga digiriitti xumuranii carraa hojii mootummaa qacaramuu hin arganneef dhaabbiin biqiltuu Ashaaraa magariisaatiin dhaabamaa jiru kun abdi guddaa ta'aa dhufaa jira. Biqiltootni sagantaa Ashaaraa magariisaatiin dhaabaman kunniin immoo maqaansaani biqiltuu ta'eef qofa kan dhaabbatan osoo hin taane, kanneen nyaataaf oolan, abaaboofi foolii gaarii qabaachuudhaan horsiisa kanniisaatiif mijataa ta'efi biqiltuwwan faayidaa garaa garaa qabaniidha.

Kanaaf dargaggoonni hojii horsiisa kanniisaafi damma baasuu qofaan osoo hin taane, biqiltootni sagantichaan dhaabaman kunniin isaan faayidaalee garaa garaa qaban waan ta'eef hojii kunuunsa isaanii irratti hirmaates isaan gabaaf dhihaatan irraa galii dabalataa argachuu kan dandeessisu waan

ta'eef dhaabbiin biqiltuu waggootan shanan darbanitti sagantaa ashaaraa magariisaan dhaabamaa jiran kunniin dargaggootaaf carraa hojii uumuu keessatti damee shoora olaanaa qabu akka ta'etu natti dhagahama.

Gaagurri hammayyaa yeroo jedhametti waan hinkennamneefiif komii akka qabu kan ibsatu immoo Dargaggoo Edaasaa Taasisaati. Yeroo ammaa kan dhihaates isa ni dhiheessina jedhamee waadaan galamee gadi ta'uu dubbata.

Kanaan ala garuu iddoowwan dura sababa bosonni irraa manca'uudhaan gaaddisni tokko irraa dhabamee turetti yeroo ammaa biqiltuwwan sanyii garaa garaatiifi faayidaa adda addaa qabaniin guutamunsaa boqonnaa sammuu kan namaaf kennu ta'uu ibsa.

Akka yaadasaatti, gaagurri ammayyaa akka gaagura isa aadaa sana haala salphaa ta'een kan hojjatamu ta'uu dhabuunsaa akkuma jirutti ta'ee, omishni gama gaagura ammayyaa fayyadamuutiin argamu garuu isa aadaan argamu sana dachaa lama waan ta'eef hedduu filatamaadha.

Gaagurri ammayyaa bifa bu'aa caalaa ta'e argamsiisuu danda'uun qopheessuudhaan biqiltoota sagantaa ashaaraa magariisaan dhaabamaniifi bosonooman keessatti hojii damma baasuutiif oolan dargaggoota naannichiitiif raabsuu cimsee kan ittifufu ta'uu immoo ragaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa ni mul'isa.

Akka ragaan biirichaa mul'isutti; xaawulaa gaagura ammayyaa qopheessuuf barbaachisu Waldaalee IMXfi dhaabbilee dhuunfaa qophii gaagura ammayyaarratti hojjetaniif dhiheessuun karoora qabame yeroo gabaabaatti milkeessuu haala danda'amuufi qooda fudhattoonni gumaacha irraa eegamu ariitii, qulqullinaafi kalaqaan hojjetamuu akka qaburratti mari'atamaa jira.

Walumaagalatti; Biqiltootni dhaabaman bineensota bosonaatiif dahoo ta'anii haala qilleensaa gaarii akka uuman qofaaf osoo hintaane, gama carraa hojii uumuutiinis shoora murteessaa akka taphatan taasisuuf Biiroon Qonna Oromiyaa barana qofa gaagura ammayyaa miiliyoona tokko qopheessee dargaggootaaf raabsuuf hojjachaa jiraachuun waan deeggaramuudha.

## AADAIFI AARTII

# Waloombni keenya miidhaginaafi humna keenya

## Natsaannat Taaddasaatiin

Qaam'ee ja'a Wiixata darbe jala bultii bara haaraa 2016tti 'Guyyaa Waloombaa' ta'ee sadarkaa biyyaafi naannolee Itoophiyaatti sagantaalee gara garaatiin kabajameera. Guyyaan kun sadarkaa Naannoo Oromiyaatti Qindeessummaa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin Finfinnee, Giddugala Aadaa Oromootti kabajameera.

Hoggantoonni mootummaa naannoo Oromiyaa, abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqee, miseensonni mana marii bakka bu'oota ummataa, hayyoonni, artistoonni, kutaaleen hawaasaafi saboonniifi sablammoonni biroon sirna kabaja guyyichaarratti argamaniiru. Barreeffama ka'umsa marii mataduree, 'Oromoo' jedhuun dhiyaaterratti hundaa'uunis marii bal'aan taasifameera.

Hogganaan Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Obbo Huseen Fayyisoo haasaa baniinsa taasisaniin akka jedhanitti, biyyi keenya waloombaan ijaaramte. Rakkoolee siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti nu mudatan waldanda'uudhaan bira dabarree as geenye.

Ummanni Oromoo sabootaafi sablammoota biroo waliin ta'uun ijaarsa Itoophiyaa keessatti gumaacha olaanaa taasiseera. Waloombniifi tokkummaan sabootaafi sablammoota cimaan ijaarsa biyyaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Qaam'een 6 'Guyyaa Waloombaa' jedhamee jala bultii bara haaraatti sadarkaa biyyaafi naannootti kabajamuun waadaa waloomba keenya akka haarsuuf nu gargaara jedhu.

Bara haaraa kanatti waloombaa tokkummaa keenya caalaatti cimsuuf sabdaneessummaafi afdaneessummaa, badhaadhina waloo keenya cimsuufi ida'amu qabna jechuun dhaamaniiru.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaa Oromiyaatti Qindeessaan Kilaastera Hawaasummaa Obbo Abdulhaakiim Muluus akka jedhanitti, Qaam'ee ja'a Guyyaa Waloombaa jennee jala bultii bara haaraatti kabajuun waloomba, tokkummaafi obbolummaa keenya haarsuufi cimsuuf nu gargaara.

Oromoon aadaa waloombasaa ittiin ijaarratuufi hariiroo namaafi uumama waliin nagaan waliin jiraatu qaba. Waloombni gamtoomina, humna, tokkummaa, jaalalaafi waldanda'uu uuma. Oromoon aadaafi duudhaa waliin jiraachuu, waliin hojjechuu, waliif dhukkubsachuu, walbira dhaabbachuu, waliif yaaduu, kaaniif qooduufi hammachuu gabbataa qabu dhalootaa dhalootatti dabarsee asiin gaheera jedhu.

Garagarummaan keenya gama sabummaan, amantiin, afaaniin, eenyummaafi ilaalcha siyaasaatiin qabnu miidhagina, humnaafi qabeenya keenya ta'uu qaba. Waloomba dhugaafi ittifufiinsa qabu mirkaneessaa deemuuf walqixxummaa, obbolummaafi waliin ida'amuun daran murteessaadha.

Waloombni keenya humna keenya. Waloomba keenya cimsuun nageenya waaraa buusuufi guddina hawaas-dinagdee keenya caalaatti mirkaneessuuf gargaara. Waljibbuun, waltuffachuun, maqaa walxureessuun,



Waloomba...waloomba ammas waloomba

walqooduun faallaa waloombaafi tokkummaa keenyaa waan ta'aniif isaan kanarraa of eggachuu qabna jedhu.

Sadarkaa maatii, sabaafi biyyaatti waloombnee rakkoolee hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa nu mudatan waliin furachaa deemu qabna kan jedhan Obbo Abdulhaakiim, waljibbuu, maqaa walxureessuu, holola sobaa walirratti oofuu keessaa ba'uu kan dandeenyu ammoo yoo waloombaafi tokkummaa keenya caalaatti cimsaachaa deemne qofa ta'uu hubachuu qabna.

Saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa dhiigaan, ollummaan, dinagdeefi hawaasummaan walitti hidhamee jira. waloomba, tokkummaafi walitti hidhamaansa ummata biyyattii kana holola siyaasaafi seenessa sobaatiin walirraa adda baasuun hindanda'amu.

Kanaafuu aadaafi duudhaa keenya Oromummaafi Itoophiyummaa keenya bu'uura godhachuudhaan tokkummaa keenya caalaatti dagaagsaa deemu qabna jechuun ergaa dabarsaniiru.

Inistitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromootti Qorataan afaanii Kaadhimamaa Doktaraa Baqqalaa Buukoo barreeffama ka'umsa marii mataduree 'Waloombaafi Oromoo' jedhurratti dhiyeesaniin akka jedhanitti, Oromoon aadaa waloombaa ittiin ijaarratu qaba.

Jechi waloomba jedhu jecha waloo, waliin, atooma, tokkoomaa, jedhurraa kan madde yoo ta'u, waliigaluu, waljaalachuu, gamtoomuu, firoomuufi tokkoomuu jechuudha Waloombniifi falaasamni ida'amu kaayyoo walfakkaataa qabu. Lamaansaaniyyuu jaalala, obbolummaa, firummaa, badhaadhina, nageenya, gamtooma, waliin jireenya cimsuun jibbiinsa, diinummaa, hiyyummaa, kophummaa, waraana ammoo hiri'isuuf kan gargaaran ta'uu eeru.

Waldanda'uun, obsa qabaachuun, waljaalachuun, waldeggaruun, mari'achuun, dhiibbaawwan gama hawaasummaa, dinagdee, siyaasaafi amantaatiin dhufu ittisuun duudhaalee waloomba cimsuuf kan gargaaraniidha. Waloomba jabeessuuf sadarkaa nama dhuunfaa, gareefi sabaatti waliigaluun barbaachisaadha. Yeroo tokko tokko namni sammusaa faana walitti bu'a. Garaan lama na ta'e, deemu moo dhiisu! yeroo jedhu ni dhaga'ama. Kun sadarkaa nama dhuunfaattillee garaagarummaan jiraachuu agarsiisa jedhu.

Akka Obbo Baqqalaan jedhanitti, waloombni garee fedhii namoota dhuunfaa hunda hinhaammatu. Waloombni sabaa garuu waloomba dhunfaafi garee of keessatti hammata.

Kanaafuu waloombni sabaa bu'uura waloo tokko qaba. Kunis Oromoo Oromummaa, Sirna Gadaa, Afaan Oromoo, Amantii Oromoo, Aadaa Oromoo kfk ta'uu malu. Haata'u malee, diinonni Oromoo garaagarummaa siyaasaafi amantii fayyadamuun waloomba Oromoo diigaa turaniiru. Yeroo dhiyoo as garuu siyaasaafi amantiitti fayyadamuun waloomba Oromoo diiguun hafeera jedhu.

Waloombni sabaa wabii eenyummaa, aadaa, afaan, qabeenya, amantaafi daangaa ta'uu qaba. Amantiifi siyaasni nuti hordofnu sabummaa, eenyumma, aadaafi afaan saba keenyaa kan dagachisu, qabeenya saba keenyaa kan saamsisu ta'uu hin qabu. Garaagarummaan gama amanti, siyaasaafi barnootaatiin mul'achuu malan wali kabajuun, waliin hojjachuuf, waliigaluun yaadama falaasama Ida'amu waloomba cimsuuf gargaaru ta'uu dubbatu.

Oromoon aadaa ittiin waloomba, atooma, hawaasummaa, diagdee, nageenyaafi siyaasasaa ittiin tikfatu qaba. Oromoon waloombni furtuu waa hundaati jedhee amana. Oromoon jiruuf jireenyasaa keessatti aadaa gamtaa, waloomba tokkoomaafi atoomasaa ittiin cimsatu afooshaa, daboo, jigii, guuza, qaboo, daadoo, waanfalaafi kfk qaba. Oromoon yoo waloombni jiraate jiruufi jireenyi ni milkaa'a jedhee amana jedhu Obbo Baqqalaan.

Afoolli meeshaa jiruufi jireenya Oromooti. Oromoon afoolaan jaalala, jibba, fedhii, mormiisaafi kan kana fakkaatan ibsata. Oromoon jiruufi jireenyasaa keessatti sirbaan, geerarsaan, weedduun, eebbaan, mammaaksaafi sheekkoodhaan waloombasaa ibsaa ture; jiras.

Fakkeenyaaf Weellisaa Nuhoo Goobanaa- "Tokkummaa...tokkummaa! Yaa ilmaan Oromoo!" jechuun, Doktarri Kabajaa Artisti Alii Birraa- "Rabbimoo moo namumaa kan seera Jallisee? Haati keenya takkaa, maaltu addaan nu baasee?" jechuun, Weellisaa Zarihuun Wadaajoo- "Nu waliin dhaadanna hoo! walmalee malqabna hoo..." jechuun, Weellisaa Andu'aalam Gosaa- "Waloomba waloomba..." jedhanii sirbuun waloombni, tokkummaan, gamtaaniifi atoomni ummata Oromootiif humna akka ta'ee ibsaniiru. Kanaaf Oromoo dur irraa kaasee

waloombuun barbaachisaa akka ta'ee ibsaa akka ture sirboota kunneen irraa hubachuun ni danda'ama jedhu Obbo Baqqalaan.

Oromoon waloombni humna, tokkummaafi milkaa'ina ta'uu mammaaksaan yoo ibsu "Waloombni, warrooman. Jirbiin walgargaartee, arba hiiti. Mixiin walqabattee laga ceeti. Goondaan waliigaltee, leenca manaa baafiti. Waliigalan, alaa galan. Mariifi marabbaan jiraannan manneen mixii cidha galcha. Waloombni manneen mixii cidha galcha. Walmari'annan limmoo qottoo goona. Warra walta'e, buddeena tokkotu ga'a" faayidaa waloombni, waliigalteefi mariin qabu ibsa.

Namicha tokkotu ijoollee sadii qaba ture. Namichi kun gaaf tokko ijoolleesaa sadan waamee ulee tokko tokko fidaa jedheen. Isa booda ulee fidanii dhufan sana cabsaa jedheen. Ijoolleen sadanuu ulee fidanii dhufan sana cabsanii itti agarsiisan. Namichi deebisee ulee sadii akka fidan itti hime. Gaafa ijoolleen ulee sadii fidanii dhufan uleewwan sadanuu walirra kaa'ee "cabsaa" yoo jedhuun cabsuu dadhaban. Isa booda namichi ijoolleesaa sadaniin akkas jedhe. "Tokkummaa yoo qabaattan diinni salphaatti isin miidhuu ykn isin cabsuu hindanda'u" jechuun ijoolleesaa gorse jedhama.

Sheekkoodhuma walfakkaatuun sangoota sadiifi waraabessa tokkotu ture. Sangoonni sunis gamtaadhaan jiraatu turan. Bifti sangoota sanaa gurraacha, diimaafi adiidha. Sangoonni sadan diinasaanii gamtaadhaan ofirraa eegaa turan.

Gaaf tokko waraabessi sangaa diimaafi isa gurraacha qofaatti waamee diinni sangaa isa adii fagootti argee dhufee waan isin miidhuuf isarraa adda bahaa jiraadhaa jedheen. Sangoonni lamaan sangaa adiirraa adda bahanii jiraachuu jalqaban. Yeroo kana waraabessichi sangaa adii qofaatti argatee nyaate.

Waraabessichi guyyaa yeroo biraa sangaa isa gurraacha waamee sangaa diimaan ati waliin jiraatu fagootti waan mul'atuuf diinni sababasaatiin dhufee waan si miidhuuf irraa adda bahi jedhee sangoota sadan adda baasee qofa qofaatti isaan nyaate jedhama. Sheekkoo kanarraa yoo waloombni ykn gamtaadhaan jiraanne diinni nu miidhuu akka hindandeenye yoo adda bane ykn walqoodne ammoo diinni salphaatti nu miidhuu akka danda'u baranna jedhu.

Oromoon afoolasaatti fayyadamuun waa'ee waloombaa, jaalalaa, gamtaa, tokkummaa, obbolummaafi firummaa dhaloota barsiisaa tureera; jiras. Waloomba keessa garaagarummaan jiraatus garaagarummaa jiru waliif kabajuun waloombaafi atooma ijaaruun ni danda'ama. Waloomba (atooma) fi tokkummaa keenya afaaniin qofa osoo hinta'iin gochaan agarsiisuu qabna. Waloombni guddina hawaasdinagdee keessatti faayidaa guddaa akka qabu hubatanii hubachiisuun barbaachisaadha. Waloomba keenya caalaatti cimsuuf duudhaa keenya ganamaatti haa deebinu jedhu Obbo Baqqalaan.

Looreet Artisti Yifiruu Goobanaa akka jedhanitti, waloomba jechuun Oromoo haaraa miti. Jiruufi jireenyisaa waloomba wajjin walitti hidhata. Oromoon yoo omishu



# Abbaa Sa'aa

## “Mindaa ji'aa qarshii 40 irraa ka'ee maashinii qarshii miliyoona afurii ol baasu kalagee gabaaf oolchaan jira”

- Obbo Baqqalaa Sabsibee

### Waasihun Takileetiin

“Amala siif haalaatu malee ogummaan ollaarraa baratama” jedha Oromoon, Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Meettaa Roobii, Ganda Yaayyaa Gurjii jedhamutti maatii qonnaan bulaarraa kan dhalatan Obbo Baqqalaa Sabsibees carraan kun kan isaan mudate ta'uu dubbatu.

Seenaansaanii kun dargaggoota hojdhaddummaaf saaxilamaniif fakkeenya waan ta'uuf Gaazexaan Bariisaas turtii isaan wajjin taasise akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

Daa'imummaarraa kaasanii maatii tajaajilaa kan guddatan Obbo Baqqalaan akkuma umriinsaanii barumsaaf gaheen kutaa 1ffaa hanga 8ffaa Jalduutti barataniiru.

Wayita sana oggaa labisiin dargaggoonni gara dirree waraanaatti jedhu bahu Finfinnee dhufuun eessumasaanii bira naannawa Saariis jedhamu ta'anii jireenya mo'achuuf tokko jedhanii qabsoo jireenyaa eegalan.

Obbo Baqqalaan Amaariffa waan hinbeekneef mindeeffamanii hojjechuuf hincarroomne turan. Wayita sanatti Finfinneetti hojii argachuu mitii Afaan Oromoo dubbachuunuu akka malee ulfaataa ture jechuunis haala ture ibsu. Manni gandaa dhiphoon eessumasaanii keessa ja'a ta'anii jiraataa akka turanis ni dubbatu.

Namarratti ba'aa ta'anii jiraachuun ulfaataa waan ta'eef waanuma hojii jedhamu kamuu hojjechuun of danda'uu akka qaban murteessan.

Turtii yeroo muraasaa booda dhaabbata dhuunfaa faranjootaa hojii sibiilaafi mukaa hojjetutti waardiyyummaan ji'aan qarshii afurtamni kaffalamaafii jireenya injifachuuf qabsootti seenuu kaasu.

Yeroo waardiyyummaan tajaajilaa turanitti gadi jedhanii ajajamaa konkolaataa abbootii qabeenyaa dhiqaa of kennanii waan tajaajilaniif balbala eeguurrara gara hojii mukaafi sibiilaa ce'uu ibsu.

Yeroo kanatti mindaasaaniirratti qarshiin lama yeroo darbaa ('over time') ida'ameefii ji'aan hanga qarshii 70n kaffalamaafii hojii ogummaa sibiilaa kana akka hojjetan taasifamuus ni yaadachiisu.

Qarshiin lama dabalanteef tun jireenyasaanii keessatti jijjiirama guddaa qabaachuullee kaasanii, haala jireenyaa yeroo sanaatiin akka hiikaa guddaa qabdu hubachuun cimaniin akka hojjetaniif isaan onnachiiseera.

Deemsa keessa ogeeyyota sibiilaafi mukaa wajjin of kennanii waan hojjetaniif ogummaa hojii sibiilaatiin ga'umsa addaa horachuu akka danda'anis ni eeru.

Meeshaalee biiroo, foddaa, cufantaa (balbala)fi maashinii bilookkeettii hojjechuun akka baran kan dubbatan Obbo Baqqalaan, booda dhaabbata dhuunfaa (Xaaliyaanotaa) Markaatootti argamuuf sibiila hojjetanii maqaa Diifteerii jedhamuun beekaman bira galanii guyyaatti qarshii saddeet



Obbo Baqqalaa Sabsibee fi maashinii bilookkeettii omishaa jiran

kaffalameefii mindaasaanii fooyyeffatanii hojiisaanii ittifufuu kaasu.

Dhaabbaticha keessa yeroo dheeraaf hojjechuus ibsanii, akkuma sirni Dargii kufeen achii bahanii dhaabbata biraa galuun ji'aan qarshii 700 argachaa erga waggoota lamaaf hojjetanii booda bara 1978 of danda'anii hojjechuuf murteessuu dubbatu.

Ogummaansaanii gama hundaan daran cimaa ta'uu kan himan Obbo Baqqalaan, abbaan qabeenyaa Hospitaala Zambaabaa isaan biratti bilookkeettii hojjechiifatanii miidhagsanii waan hojjetaniifiif kanamalees yeroo sana Afaan Oromoo qofa waan dubbannuuf maashinii sibiilaa bituufiirra darbanii bakka hojii mijeessaniifii ofitti isaan fudhachuu himu.

Carraa argatan kanaan hojii sibiilaa foddaa, cufantaa(balbala)fi kanneen biroo hojjechuurra darbanii maashinii bilookkeettii omishu hojjechuun ittifufan. Ogummaansaanii kana barnootaan deeggaruufis galgala galgala barnoota teknikii kutaa 9ffaa hanga 12ffaa Mana Barnootaa Ogummaafii Teeknikii Nifaas Silkitti barachuu ibsu.

Yeroo haadha warraasaanii ijoollee sadii wajjin horatan faana wajjin mana barumsaatti walbaruun yeroo gabaabaa keessatti manuma duwwaatti gaa'ela dhaabbachuun jireenya itifufuu himu. Kanaanis kiraan manaa qarshii 20 tures gara 22tti guddachuu dubbatu.

Meeshaa mana keessaa jala jalaan guuttachaa mana kiraas kaffalaa wayita mucaa jalqabaa godhatan waanti nyaatamu mana keessa hinjiru. Ferris quba nu hinqabu. Booda garuu ollaan nubeeku tokko haala keessa jirru hubatee hanga haati warraa koo jajjabaattutti nyaata kennaafii deeggaraa turuu ibsu.

Akkuma dhalli eebba baatee dhufa jedhamu bu'aa bahii baay'ee booda maallaqa walitti qabachuun maashinii sibiilaa bitatanii omisha bilookkeettiifi hojii sibiilaa

Waggaatti maashinoota kudhanii ol kan hojjetan Obbo Baqqalaan, of jalatti hojjetoota 50 ol miindeessuun omisha bilookkeettiifi maashinii bilookkeettiin itti omishamu kan sadarkaalee gara garaa qabu hojjetanii gabaaf dhiyeesaa jiru.

Maashinichi kan alaa galurraa waan adda ta'eef qaama dhimmi ilaallaturraa beekantiifi waraqaa ragaa abbummaa qabeenya sammuu argataniiru.

Maashinichi yeroo galu hanga qarshii miliyoona kudhanii gaafata kan jedhan Obbo Baqqalaan isaan garuu biyyuma keessatti omishuun hanga miliyoona afuriitti gurguruun dinagdeesaanii cimsachaa jiru.

Humna dargaggoota hojdhabeeyyiif maallaqni kun ulfaataa waan ta'eefis hanga miliyoona lamaa, kanamalees hanga kuma 240tti gadi buusuun hojiitti akka galaniif dhiyeesaa jiru.

Dargaggoonni gurmaa'anii hojjetan hedduunis dhufanii isaanirraa bitanii hojjechaa jiraachuu himanii, dhaabbileen gara garaas warreen gurmaa'anii hojjetaniif isaanirraa bitanii hojdhabeeyyiif carraa hojii uumaa jiru jedhu.

Hojjettoonni isaan jalatti mindeeffamanii hojjetaa turan hedduunis isaanirraa ogummaa qooddachuun of danda'anii mana sibiilaa banachuun maashinicha omishaa akka jiran dubbatu.

Obbo Baqqalaan abbaa ijoollee sadii yoo ta'an ijoollee firaa afuris hojicha barsiisuun of danda'anii bahanii akka hojjetaniif carraa uumaniiruuf.

Isaan omisha maashinii maddiitti omisha bilookkeettiinis ga'umsa cimaa qabu. Guyyaatti yoo xiqqaate bilookkeettii qulqullina qabu 3000 kan omishan yoo ta'u, dhaabbileen ijaarsaa hedduu bilookkeettii tokko qarshii 36n isaanirraa bitachaa jiraachuu dubbatu.

Hojiisaanii kana bal'inaan cimsuuf maashinii dabalataa alaa miliyoona 10n galchuu kan danda'an yoo ta'u, bakka hojii danqaa ittita'uus ni eeru. Otoo bakka hojii mijataa argatanii carraa hojii bal'aa uumuu akka danda'anillee ni ibsu.

Hojjetootaansanii 50 oliif ji'atti qarshii kuma saddeetti hanga kuma 17 kaffalaa akka jiranis eeranii, dhalli namaa yoo gadi jedhee hojjetee olka'ee mul'achuunsaa hinoolu jechuun tattaaffii keessa darban yaadachiisu.

Obbo Baqqalaan akkuma seensarratti eerre mindaa ji'aa qarshii 40 irraa ka'anii har'a abbaa qabeenyaafi abbaa ogummaa ta'aniiru. Namoota baay'ee carraa hojii bananiiru.

Dargaggoonni keenya har'a dhaabbilee barnoota olaanaatti waggaa afurii hanga shanii turanii yoo bahan kallattumaan mindeeffamanii hojjechuuf yaaduun sirrii miti jedhanii, ogummaa salphaatti carraa hojiisaaniif uumuufi galiisaanii guddisuu danda'urratti bobba'uu qabu jechuun gorsu.

## Dhalli namaa yoo gadi jedhee hojjetee olka'ee mul'achuunsaa hinoolu

eegalan. Bilookkeettii omishuurra darbanii maashinii bilookkeettii omishu kalaquun hojiisaanii babal'isan.

Isa kanaafimmoo ka'umsa kan ta'eefii abbaan Hospitaala Zambaabaa maashinii sibiilaa jalqaba bitanii kennaafii kan turan yoo ta'u maallaqa achitti walitti qabatan sanaan cimaniin hojjechuun dinagdeesaanii jabeeffachuu danda'aniiru.

Maashinii bilookkeettii itti oomishan kanas ofumasaaniitii kalaqanii ittiin kan hojjetan yoo ta'u oomishoota bilookkeettii biroofis maashinicha qarshii kuma 240 hanga miliyoona afurii gurgurtaan dhiyeesuu.

# Ilaamee...

## “Mootummaan Naannoo Oromiyaa imaammataafi tarsiiimoo lakkaa’aman qabatee socho’aa jira”

- Obbo Shimallis Abdiisaa

### Kutaa Qophiitiin

Pirezdaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa tibba kana hoggansi sadarkaan jiru, dhimmoota jajjaboo shan irratti xiyyeeffachuun garaagarummaa hubannoo tokko malee socho’uu akka qabu miidiyaa hawaasummaasaniiratti ibsanii.

Dhimmoonni kunneenis, haala keessa jirru, Maal akka hogganu, Maal akka hiiku, Maal akka hojjetuufi Kallattii /hamma/ sadarkaa ittiin waan hunda hojjetuu ta’uu ibsanii, caasaan olii hanga daka hubannoo tokkoon gaggeessummaa yeroofi dhimmoonni armaan olii barbaadan kennuuf qabxiilee kanneen sirnaan hubachuu akka qabu hubachiisu.

### A. Haala keessa jirru beekuu

Haalli addunyaa jijjiirama baay’ee ariifataa ta’e keessa jiraachuu hubachuun, walitti dhufeenyi, gamtaafi hariiroon (power relations) humnoota addunyaa adda addaa gidduu jiru dhaabbataa miti; jijjiiramni hariiroo kun yeroo yerootti kan jijjiiramu osoo hintaane, ammaa amma jijjiiramaa jira. dhimmi biraa sirnaan hubatamuu qabu gaaga’ama dinagdee addunyaa raasaa jirudha.

Gama biraatin Jijjiirama Hubannoo Namtolchee” (Artificial Intelligence) irratti jiru sadarkaa hin yaadamerra gahaa jira. Kana immoo guyyaa guyyaadhaan ofbarsiisaa deemuuf qophaa’ummaan yoo hinjiraanne hafoo (obsolete) taanee hafna. Barnoonni, Faayinaansiin, Daldalli, Qonni, Waraanniifi Waldhaansi Fayyaa harka caalu teknooloojiidhaan adeemsifamaa jira.

Hoggansi keenya balaafi carraa inni fidee dhufe hubatee itti fayyadamuu qaba. Amalootaafi dhiibbaa waraana biyyoota (humnoota) addunyaa gidduutti gaggeeffamaa jiru hubachuun amala biroo gonfachuun murteessaadha. Hubannoon hiyyummaafi duubatti hafummaa hamaa biyyi keenya, naannoofi ummanni keenya keessa jiru irratti qabnus murteessaadha.

Xumurratti akka hoggansaafi dhalootaatti nuti kan dhaalle biyya ijaarante hinxumaramne, dhugaa waloo hinqabne keessatti gaggeessaa ta’uu libsuu ijaatiifillee dagachuu hinqabnu.

Dhimmoota jajjaboo asii olitti tarreeffaman haala qabatamaa kanaa oliitti tuqne keessatti raawwanna waan ta’eef amala hoggansa keenya waliin hojjechaa jirrus adda baasanii beekuun gaarii ta’a. Haala qabatamaa asii oliitiin hoggansa naannichaa yoo ilaalle hoggansa akaakuuwwan sadii qabaachuu keenya barra.

Hoggansi keenya tokko boodatti harkisaadha. Kan lammataa hoggansa bakka jirtutti mugsaa yoo ta’u, sadaffaan fuulduratti furguugaadha. Sadanuu bu’aa sababa gosa tokkooti. Dhimmi murteessaan sababichaa (haala keessa jirru) osoo hintaane akkataa ittiin ilaalleedha. Erga kana hubannee booda, gaaffii duraa ta’uu kan qabu “maal hoggansa?” kan jedhudha.

### B. Maal akka hoggannu beekuu

Hoggansi sadarkaan jiru burjaajii yaada



wal dhahaa keessaa bahee dhimmoota murteessoo sadi irratti xiyyeeffachuun hoggannu qaba. Isaanis:

### 1. Tarkaanfii addaa (New Initiatives)

Hoggansi jijjiiramaa keenya akkuma aangooti dhufeen waa lama hojjate; tokkooffaan sektaroota murteessoo muraasa dinagdee naannoofi biyya keenyaa ceesisuu danda’an adda baasuu yoo ta’u, inni lammaffaan hojii idilee cinaatti, tarkaanfii addaa (new initiatives) bocuun yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama fiduudha.

Milkaa’inni yeroo gabaabaa keessatti gama baadiyyaa (qonna, qabeenya uumamaa), hawaasummaa (barnoota), magaalaa (galii) irratti argame bu’aa murtoo kanaati. Fuuldurattis gama hundaan sektara hundaaf tarkaanfii addaa bocuun kan sochoonu ta’u jechuudha.

### 2. Tajaajila Mannen Hojii Mootummaa

Dhimmi kenniinsa tajaajila mootummaa fedhii tajaajilamaa guutuufi yeroo isaa eegee dhiyeessuu danda’uufi dhabuu dhimma mootummaa ta’uufi mootummaa ta’uu dhabuuti.

Yeroo ammaa, ummanni keenya tajaajila mootummaa irratti itti quufinsa akka hinqabne ifatti amanee hoggansa furmaataa ta’uuf of qopheessuu qabna. Gama kanaan, hoggansi kenninu dirqama seera bahuu bira tarree, tajaajila qulqulluu, si’ataa, akkasumas baasii, yeroofi humna tajaajilaafi tajaajilamaa qusatu ta’uu qaba. Sadarkaa walxaxaafi harkifataa kenniinsi tajaajila mootummaa irra jiru hubannee hoggansa kalaqaan masakame kennuun dirqama.

### 3. Haala

Hogganaan kamuu haala akka hogganu hubatee socho’uu qaba. Haala yeroo jennu siyaasa, nageenya, dinagdee, haala hawaasaa, haala qilleensaa, walittidhufeenya humnoota naannolee ollaa, qaxanaa biyyaa, rakkoo namtolchee, rakkoo uumamaa, caasaa addaddaa dabalata. Rakkoon gama kanaan jiru hoggansi tokko tokko haala irratti rarra’uu barbaadudha. “Maalif kana ykn sana hinmilkeessine?” yeroo jedhamu “haalli isaa waan akkana ykn akkas ta’ee?”

jedha. Mootummaan naannichaa kana booda sababa akkasii hindhaggeeffatu. Haala jiru hogganee hojjechuun dirqama hoggannumaati.

### C. Maal hiikuuf akka hojjetu beekuu

Dhimmi murteessaan biraa hubatamuu qabu “maal Hiikuuf Hojjenna?” kan jedhudha.

### 1. Aadaa qusaannaa jijjiiruu

Aadaa qusanna jijjiiruuf hojjechuu qabna.

Dinagdee naannoofi karoora Badhaadhina Maatii irratti qabanne milkeessuuf aadaa qusannaa hawaasa keenyaa jijjiiruu akkasumas walgahiinsa Faayinaansii Baadiyyaa irratti kutannoon hojjetamuu qaba.

Milkaa’ina Kanaaf, ummanni keenya hundi qaama karoora badhaadhina maatii ta’uufi caasaan mootummaa hanga maatiiti, namni kamuu maal akka hojjetu? Kan hojjetu irraa meeqa akka argatu? Kan argatu irraa meeqa akka qusatu? karoorse hojjechuu qaba. Hawaasni waan omishe hunda sooratu, hanga fedhee yoo omishe maraammartoo hiyyummaa keessaa bahuu hindanda’u.

Ummanni hinqusanne boruu hinqabu. Ummanni boru hinqabne hiyyummaa mo’achuu hindanda’u. Kanaaf hawaasa qusannaa aadeeffate uumuun dirqama. Bara 2016 irraa kaasee namni hundi aadaa qusannoo akka horatu hojjechuun jijjiirama fiduun dirqama.

Gama biraatiin, waliin gahiinsa faayinaansii baadiyyaa (rural financial inclusion) milkeessuun qonna keenya qaama sochii faayinaansii taasisuun ceesisuu qabna. Hundeeffamni baankii Siinqee rakkoolee gama kanaan jiran hiikuuf kan kaayyeffateedha.

### 2. Intarpiriyinarummaa agaagsuu

Intarpiriyinarummaa dagaagsuuf hojjechuu qabna.

Akka nama dhuunfaattis ta’ee akka mootummaatti amala Intarpiriyinarummaa gonfachuun dirqama. Intarpiriyinarummaan gama tokkoon fedhii ykn rakkoo gabaa/ hawaasummaa keessatti mul’atan gara carraatti jijjiiruun sona dinagdee

dabaluudha. Gama biraatiin, ammoo fedhii gabaa kana dura hinjirre uumuun sona dinagdee dabaluudha.

Akka hoggansa caasaa mootummaatti ammoo, Mootummaan Intarpiriyinaraa ibsituuwwan armaan gadii akka qabu ifatti hubannee socho’uu qabna:

- Mootummaa damee hedduu walitti hidhee sochoosu (damdaneessa);
- Humna ummataa (waloo) fayyadama;
- Gabaa uuma; kana yoo jennu, hir’ina gabaa furuu irra taree, fedhii gabaa haaraa uumu gaafata
- Kufaati gahuu danda’u dursee kan fudhatuu (risk taker) dha;
- Gama tokkoon kalaqaa (creative)dha; gama biraatiin ammoo kalaqoota jiranitti haalaan fayyadama
- Ariitiidhaan raawwata;
- Carraalee argaman ni buta; kana jechuun, rakkoo hiikuu qofa osoo hintaane, carraa guddaatti jijjiira;
- Omishaafi omishtummaa giddugeeffata;
- “Imagine” gochuu danda’a, dilbiifi miidhagina dhokate baasee argisiisa.

Walumaagalatti, saamicha, hannaafi dhibaa’ummaa keessaa baanee miliyoonota amaloota intarpiriyinarummaa gonfatan baafnu malee badhaadhina jennu milkeessuu hindandeenyu. Kanaafuu, namoota amaloota akka kanaa qaban haala mijeessuudhaan baay’isuun dirqama hoggansa kanaati.

### 3. Alseerummaa to’ata

Seeraalummaa yeroo jennu seerotaafi labsiwwan sochii dinagdee sakaalaniifi sochii dinagdee irratti to’annoo dhabuu hammata. Isa duraa irratti hojii hojjanneen mootummaan federaalaa seera/labsii faayinaansii baadiyyaa dhiibu akka haaromsu taasisuu dandeenyee jirra.

Rakkoo to’achuu dadhabuun biyya keenya qara lamaan dhiigsaa jira; inni tokko yeroo bahu inni biraa yeroo galu. Ollaan keenya Keniyaan albuuda boollaa tokko osoo hinqabaanne addunyaa dursaa jirti. Kana keessatti hattoonni biyya keenyaa qooda guddaa qabuufi.

Meshaaalee sharafa kanaan galchanirraa bu’aa % 100 buufatan malee gabaadhaaf hindhiheessan. Qara lamaan dhiigsuun kana.

Walumaagalatti, seeraalummaa osoo hinto’anne dinagdee ceesisuuf yaaluun, qalqalloo urataa qaawwa qabu guutuuf yaaluu akka ta’e hubannee, akka naannoo, biyyaafi qaxanaatti alseerummaa mo’achuuf socho’uun dirqama.

### D. Humnaa maal fayyadamee hojjechuu akka qabu beekuu

Maddi humna keenyaa sadi ta’uu haa hubannu:

### 1. Humnaa dhuunfaa badhaadhina maatii;

Hoggansi kamuu karoora mootummaa kanaan dura caasaarratti rarra’ee hafe gadi bu’ee maatii bira akka gahu hojjachuu qaba. Haaluma kanaan, maatii tokko tokkoon maal



## Fuulli kun walta'iinsa Ministeera Fayyaafi Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin torban lamatti altokko kan dhihaatuudha

# Faayidaa waraqaan eenyummaa dijitaalaa damee fayyaatiif qabu

Itoophiyaatti bulchiinsa odeeffannoo fayyaa ammayyeessuuf waraqaan eenyummaa biyyaalessaa dijitaalaa murteessaadha. Fayyadamtoonni waraqaan eenyummaa addaatiin tajaajila saffisaa, amansiisaafi eenyummaa mirkanaa'etti akka akka fayyadaman gochuudhaan sirna kafaltii tajaajilaa salphaa gochuudhaan waliin dhahiinsa hir'isa.

Ministeerri Fayyaa RFDI Waajjira Ministira Muummeefi Sagantaa Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa wajjin ta'uun hojmaata tajaajila fayyaa si'aayaafi bu'aaqabeessa taasisu, ittiqubiinsa wal'aanamtoota dabalu diriisuuf kaka'umsa cimaa qabate wajjin walsimu eegaleera.

Ka'umsi kun pirojektota ijoo biyyattii keessaa tokko kan ta'e sirna waraqaan eenyummaa dijitaalawaa sirnoota galmeessa fayyaatiif akka ka'umsaatti fayyadamuurratti kan hundaa'eedha.

Kaayyoo ijoo sagantaa waloo kanaa waraqaan eenyummaa dijitaalawaa Faayidaa jedhamuun beekamu damee fayyaa wajjin qindeessuudhaa; qaamoleen dhimmamtoota biroofi fayyadamtoonni waraqaan eenyummaa addaa akka argatan gochuudhaan indeeksii wal'aanamaa addaa, sirna addaa inshuraansii, sirna kenniinsa eeyyama addaa hojjetoota damee fayyaafi ogeessota fayyaatiif,

galmeew waloo fayyaafi kkf misoomsuuf bu'uura akka ta'u gochuudha.

Faayidaan damee fayyaa wajjin qindaa'uun sirni kenniinsa tajaajila fayyaa si'aayaa, ifaafi wal'aanamaa bu'uura kan godhate taasisa. Kaka'umsa kanaan hojiileen jijjiirama saffisaa galmeessisan kanneen akka inshuraansii fayyaa hawaasaafi sirnoota inshuraanii biroo yoo ta'an, kunis tajaajilawwan kanneen saffisaa, amansiisaafi sirna eenyummaa mirkanaa'ee akka fayyadaman gochuudhaan sirna kaffaltii tajaajila fayyaa salphisa, gochoota waliindha'uu ni hir'isa akkasumas namoonni aguuggii inshuraansii fayyaa qaban faayidaa barbaachisu akka argatan taasisa.

Faayidaan sirna bulchiinsa hojjetootaa qulqullina qabuufi amansiisaa, adeemsawwan kenniinsa eeyyama ogummaa akkasumas raawwii hojii hojjetootaa hordofu uumuufis ni gargaara. Kunis hojmaatawwan birokaasii ni salphisa, iftoomina dhugoomsa, akkasumas damee fayyaati sadarkaa qulqullinaa ogeessotaa eegsiisuu dandeessisa.

Kana malees Faayidaan ragaan wal'aanamtoota qaqqabamaa akka ta'u, sirni sirriifi tajaajilli fayyaa fooyya'aan akka jiraatu waan taasisuuf wal'aanamtootaaf waan guddaa gumaacha.

Kunis adeemsi ifaafi nageenyummaansaa eegame akka jraatu, harkifannaa tajaajilaa galmeessaafi riikardii argachuun walqabatee uumamu hambisuuf akkasumas kenniinsi tajaajila fayyaa damee fayyaa akka cimuu taasisa.

Haala kanaan Itoophiyaatti dameen fayyaa dameewwan hawasummaa ijoo keessaa tokko ta'uu hubannoo keessa galchuudhaan Ministeerri Fayyaafi Sagantaa Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa kutattummaa guutuu sirna eenyummeessaa dijitaalawaa ijaaruu qaban mirkaneessaniiru.

Damee fayyaati galmeessi Faayidaa qulqullinaafi si'aayina damichaa daran akka guddisu dhaabbileen kunniin ni dubbatu. Kaka'umsi kun karoora misoomaa waggaa kudhanii kan utubuufi riiformii mandhalee biyyattii kan cimsuudha.

Bu'uuruma kanaan Ministeerri Fayyaa tajaajilasaa bu'aaqabeessa taasisuuf hojmaata sirna eenyummeessaa dijitaalawaa Sagantaa Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa wajjin hojjechuu eegaleera.

Hojmaanni haaraan sadarkaa biyyaalessaatti hojiirra oolu kun si'aayinaafi bu'aaqabeessummaa tajaajila fayyaa mirkaneessuuf gumaacha olaanaa qabaata.

Akka Ministirri Fayyaa Doktor Liyaa Taaddasaa ibsanitti, akeekni ijoon hojmaata kanaa waraqaan eenyummaa dijitaalawaa Faayidaa jedhamu damee fayyaa wajjin qindeessuudhaan sirna tajaajila damichaa si'aayaa, ifaafi wal'aanamaa bu'uurratti hundaa'e gochuudha.

Keessumaa sirna inshuraansii fayyaa fayyadamtoota miliyoona 52 qabu guddisuuf, galmeessa ogeessotaa ammayyeessuufi ragaa ogeessota fayyaafi wal'aanamtoota waraqaarraa gara dijitaalaa ceessisuufi addaan baasutuu tokko fayyafamuudhaan akka tajaajilamaan kamuu oggaa ragaa barbaadu argachuufi fayyadamuu danda'uuf sagantichi kan gargaaruudha. Ministeerichi keellaawwan fayyaa kuma torbaa ol dijitaalawaa sochii eegaluus ibsaniiru.

Adeemsisaan hojii Pirojektii Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa Obbo Yodaahaa Zamikaa'el gamasaaniitiin eenyummaa dijitaalawaan sanada matayyoota waajjiraalee adda addaatti argaman salphumatti bakka tokkotti qabuuf gargaara.

Kunis eenyummaa sirrii namootaa sirritti addaan baasee kan qabu, waajjira kamuu yoo deemame bu'aa ba'ii tokko malee lakkoofsa addaan baastuutiin tajaajilli kan argatamu ta'uus ni ibsu.

## Waloombi...

jigii ykn daboodhaan hojjeta. Oromoon ganamaa kaasee aadaafi duudhaa waloombi gabbataa qaba. Oromoon hammataadha yoo jennu akkasumatti lafaa kaanee miti.

Oromoon mucaa ormaa gatamte fuudhee harma hoosisee akka ilmoosaatti guddisee yoo du'u, ammoo alagaadha jedhee utuu dhalasaarraa hinfageessin qabeenyasaa dhaalchisa. Waloombi ibsituu Oromoof aadaafi eenyummaa Oromooti. Kanaafuu saboonniifi sablammoonni biroonis fakkeenyummaa kana Oromoorraa utuu qooddatanii gaariidha jedhu.

Oromoon saba guddaa lafa bal'arra qubatee jiruufi sabootaafi sablammoota biyyattii gara garaa waliin fuudhaaf heerumaan, amantaafi ollummaan waliin jiraatuudha kan jedhan Looreet Yifruun, garaagarummaan yaadaa, sabummaa, afaanii, amantii, ilaalcha siyaasaa keenya mallattoo miidhaginaa keenya ta'uu qaba.

Sabbanni Waaqayyoo halluuwwan torba qaba. Halluuwwan torban walfaana baay'ee bareedu. Kanaafuu saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa akkuma Sabbata Waaqayyoo sana yoo waliin ta'an

bareedu; humnas qabaatu. Waloombi nagaa, tokkummaafi jaalalaan akka waliin jiraanu taasisa. Waloombi aadaafi dhuudhaa keenya ganamaa waan ta'eef itti deebi'uu qabna jedhu.

Saba Qabeenaarraa kan dhufan Obbo Sayid Ahmad akka jedhanitti, aadaafi duudhaan Oromoofi saba Qabeenaa walfakkaata. Sabni Qabeenaa akkuma saba Oromoo Abbaa Gadaa qaba. Waloombi biyya kana waliin ijaaruu keessatti gahee guddaa qaba.

Waloombi keenya caalaatti cimsuuf ammoo Afaan walii keenyaa barachuufi aadaa walii keenyaa walii kabajuun barbaachisaadha. Biyyi kun kiyya qofa, aadaan kiyya qofatu caala yoo jenne ammoo biyyattiin ni diiganti. Biyyattii ceessisuuf waloombi keenya caalaatti cimsuun waliin hojjechuu qabna jedhu.

Sabni Qabeenaa utuma afaan mataasaa qabuu %75 kan ta'u Afaan Oromoo ni dubbata kan jedhan Obbo Sayid, sabni Qabeenaa saba Oromoo waliin fuudhaafi heerumaan, jiruufi jireenyaan walitti hidhameera. Oromoon sabaafi sablammoota biyyattii biroo aadaafi afaansaa barsiisuu qaba. Afaan kamuu barachuun nama fayyada. yaada jedhuun kabajameera.

## "Mootummaan ..."

hojjechuu akka qaban, hammam argachuu akka murteessan akkasumas meeqa qusachuu akka qaban karoorsuurratti gargaaruun qabeenyi akka uumamu hojjechuun dirqama.

### 2. Humna waloo;

Carraa lama nuuf kenna: gama tokkoon bajata mootummaatiin ol humna qabnu fayyadamnee imala badhaadhinaa qabanne milkeessuu keessatti humna dabalataa yoo nuu ta'u, gama biraatiin ammoo ummata keenya duudhaasaa ganamaatti deebisa. (Tajaajila Lammummaa, Gaachana Sirnaa, Busaa Gonoofaafi Mana Murtii Aadaa;

### 3. Bajata mootummaa;

Bajata mootummaa yeroo jennu, irra caala galii waliin walqabata. Hoggansi kun dandeettii galii maddisiisuu duguugee fayyadamuudhaan madaalamuu qaba.

Bara kana karoora qarshii biliyoona 144 walittiqabuuf kaawwanne milkeessuu qofa osoo hintaane qarshiin tokko akka hindeebineti hojjechuu qabna. Asirratti aanaaleen waa tokko beekuu qabu. Galii walitti qabuuf karoofatanii ol yoo sassaaban, mootummaan naannoo irraa hinfudhatu. Akkaataa hojmaata faayinaansiitiin deebisee akka bajataatti kan lubsuuf ta'uu himuun barbaada.

Walumaagalatti, galii dabaluu qofa osoo hintaane, qusannaadhaan itti fayyadamuu irraatti hoggansa bilchaataa kennuun dirqama.

### E. Kallattii ittiin hojjetu beekuu

Duraan dursee, hoggansi naannoo keenyaa

hiyyummaafi boodatti hafummaa hamaa keessa akka jirru hubachuu irraa ka'uu qaba. Milkaa'inni mul'ataa jirus, miila liqimsaa seena baafachuuf kan dandeessisaa jiru malee, kan nama tarkaanfachiisu akka hintaane hubatee itti quufinsarraa of fageessuu qaba. Maraammartoo hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa bahuuf waan hunda yeroo hojjennu kallattii kanneen hordofuu qabna: (1) Baay'ina; (2) Qulqullinaafi; (3) Ariitii.

Gaaffiin hidhannoo kanneeniin akkamiin maal milkeessina jedhu ka'uunsaa hinhafu. Daandiin keenya Ida'amu, maniin keenya Badhaadhina.

Ida'amuun imala haala hubataa (pragmatism) dhaan taasifama.

### F. Badhaadhinni fidu maal akka mirkaneessu beekuu

Hoggansi haa hafuutii kara deemaan tokko badhaadhina yoo jennu akka hubatutti hojjechuu qabna. Badhaadhinni jiruu (1) nageenya waaraan, (2) misoomni hunda galeessiifi (3) mirgi dimokraasii keessatti mirkanaa'edha. Haata'utii rakkoo akka kanaa keessa teenyee waa'ee nageenya waaraa, misoomaafi dimokraasii haasa'uun qoosaafi waan hinmilkoofne fakkaachuun hinoolu.

Maraammartoo kana keessaa bahuuf hoggansi keenya waa tokko gochuu qaba; ummata keenya dukkanni rakkinaa haguuge kana dhuma boollichaatti ifa akka argu. Yeroo sana, abdi horata; nullee abdachiisa.

# ODUU

## Bara 2015tti balaa tiraafikiitiin qabeenya qarshii miliyoona 400tti shallagamutu manca'e

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Bara 2015tti balaa tiraafikii naannichatti qaqqabeen qabeenyi qarshii miliyoona 400tti shallagamu manca'uu Komishiniin Poolisii Oromiyaa beeksise. Hojiilee hubannoo ummuufi to'annoo gaggeeffameen balichi hir'achaa jiraachuus ibse.

Komishanichatti qajeelchi olaanaa n mirkaneessa nageenya tiraafikii Komaandar Balaachoo Tikkuu ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Piresii Itoophiyaa kennaniin, bara 2105tti balaa tiraafikii naannichatti qaqqabeen qabeenyi qarshii miliyoona 400 ol ta'uu manca'eera. Lubbuun namoota kuma tokkoofi 492 du'aan balichaan darbuu ibsaniiru.

Komishinichi balaa kana hir'isuuf qaamolee dhimmisaa ilaallatu waliin ta'uun hojii hubannoo uumuu, daandii balaan tiraafikaa deddeebi'ee ittimul'atutti to'annoo namaafi konkolaataa geggeessuun hojii bal'aan hojjetamaa jira.

Ta'us bara 2015tti yeroo ayyaanaa daldala daandiirraa geggeeffamu dabalatee balaan tiraafikaa kuma tokkoofi 500 naannichatti qaqqabeen qabeenyi qarshii miliyoona 400tti shallagamu manca'eera. Lubbuun namoota kuma tokkoofi 492 darbuu himanii; balaan lubbuu namaarra qaqqabes kan bara darbee wajjin walbira qabamee wayita ilaalamu 319n gad bu'uu ibsaniiru.



Akka ibsa komaandaritti, hojiilee hubannoo ummuufi to'annoo geggeeffameen waggoota lamaa as balaan tiraafikii naannichatti qaqqabaa ture hir'achaa jiraachuu gara fuulduraatti hojii bal'aa barbaadu.

Keessummaa konkolaachistooti nama fe'an galiisaaniiratti hundaa'uun ariitiin konkolaachisuufi waraqaa bobbi malee bobba'uun alseerummaan konkolaachistootaa dabalataan balaan tiraafikii salphaatti akka hinto'atamne taasiseera.

Komishinihis, balaa kana hambisuuf konkolaachistootahojii alseerummaarratti bobba'an adda baasuun, konkolaattota rakkoo teekinikii qabanirratti hordoffiifi to'annoo barbaachisaan taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Qindoomina qoodafudhataa keessattuu eejansii geejjibaa waliin ta'uun barattoota hojii tiraafikiin akka leenji'an taasifamuu himanii; hawaasifi abbootii qabeenya hirmaachisuudhaan hojiin balaa tiraafikii hir'isuu bal'aan hojjetamaa jira jedhan.

Balaa qaqqabuun qabeenyaasaanii

manca'uuhubatanii abbootiin qabeenyaafi waldaalee abbootii qabeenya guyyaa ayyaana konkolaataasaanii osoo hindhokisin poolisii waliin ta'uun balaa tiraafikii hir'isuuf hojii hojjetamaa jiruuf galateffataniiru.

Qophii ayyaanaa bara 2016tti balaa tiraafikii hir'isuuf komishinichi karoora hojii ayyaana duraafi yeroo ayyaanaa baafatee hojjechaa jira. Ayyaana duura hojii hubannoo hawaasaafi konkolaachistoota uumuu hojjetamaa jiraachuu himanii; daandiiwwan balaan tiraafikii deddeebi'ee ittimul'atu adda baasuun malattooleen garagaraa akka kaa'amu ta'eera.

Miseensi komishinichaa hundi to'annoo daldala daandiirraa, alseerummaa konkolaachistootaa cimee ittifufee jiraachuu himanii; taarifaan ala fe'uufi dhuganii konkolaachisuu ittisuuf qaamolee tiraafikii deggeran leenjisuudhaan hojiitti bobba'uu ibsaniiru.

Hawaasi konkolaachistoota taarifaan ala fe'uun hojii alseerummaarratti bobba'an qaamolee to'ataa nageenya tiraafikii naannawaasaaniitti argamanitti eeruu kennuun poolisii bira akka dhaabbatan waamicha dhiyeessaniiru.

Haaluma walfakkaatuun abbootiin qabeenyaas konkolaachistootisaanii ariitii humnaan olii akka hinfayyadamne, lakkoofsaan ol akka hinfeneef gorsa kennuun deggersa akka taasisan gaafata.

## Damee haqaarratti fedhii tajaajilaa lammiilee guutuuf, tattaaffiin walta'iinsaafi fooyya'iinsa hojimaataa hojiirra oolaa jira

**Finfinnee:** Damee haqaarratti fedhii tajaajilaa lammiilee guutuuf, tattaaffiin walta'iinsaafi fooyya'iinsa hojimaataa hojiirra oolaa jiraachuu Ministeerri Haqaa beeksise.

Adeemsa kenniinsa tajaajila haqaa keessatti hojiiwwan fooyya'insa garii agarsiisan hedduun jiraatanis ammas komiin akka jiru himama.

Komiiwwan jiran keessaa sektaricha keessa qindoominni jiraachuu dhabuu, malaammaltummaafi naamusinni badaa kan eeramudha.

Kanaafuu, rakkolee damichaa hiikuun tajaajila kana fooyyessuuf hojiiwwan adda addaa hojjetamaa jiru.

Hoggantoonni Biiroo Haqaa dhimma kanarratti TOI waliin turtii haasisan akka jedhanitti, damee haqaa keessatti tajaajila gahumsaafi haqa qabeessa ta'e kennuudhaaf sirna qindoomina cimsuu qabna jedhaniiru.

Hooggantuun Biiroo Haqaa naannoo Affaar Aade Faaxumaa Mohaammad, keessattuu, qindoominni qaamolee haqaa sadarkaa gadiitti dhabamuun tajaajila saffisaafi gahumsa qabu kennuudhaaf gufuu ta'uu



Aade Faaxumaa Mohaammad

eeraniiru.

Hogganaan Biiroo Haqaa Naannoo Beenishaangul Gumuz obbo Mohammad Hamid; damichatti qooda fudhatoonni wal tumsuufi waliin hojjechuun rakkolee damicha keessatti mul'atan haala ittifufiinsa qabuun furuu qabu jedhaniiru.

Dhaabbanni tokko saffisaan ykn harkifachuun adeemsa kenniinsa haqaa irratti dhiibbaa hamaa geessisaa waan jiruuf



Obbo Mohammad Hamid

waliin hojjechuun barbaachisaa ta'uus ibsaniiru.

Ministeera Haqaatti Gargaaraa Abbaa Alangaa Waliigalaafi Daarektarii Dhimmoota Naannoo obbo Mokoniin Mashashaa; Sirna gahumsa qabu damee haqaa keessatti diriirsuun fedhii tajaajilaa lammiileen barbaadan guutuuf riifoormii hojimaataa hojiirra ooluu ibsaniiru.

Keessattuu, qooda fudhattoonni qaawwa



Obbo Mokoniin Mashashaa

qindoomina qaamolee haqaa keessatti mul'atu fooyyessuuf hojjechaa akka jiran ibsaniiru.

Bakka bu'oonni ummataafi manneen maree naannolees qajeelfama hojii kanaaf ba'an hordofaa akka jiran eeraniiru.

Waltajjiin waloo Ministeera Haqaa, Poolisii Federaalaa, Mana Murtii Waliigalaafi Komishiniin Manneen Sirreessaa Federaalaa akka itti fufu ni beekama.

## ODUU



Doktor Tolaa Bariisoo

## Oromiyaatti sadarkaan manneen barnootaa kuma sadii olii fooyya'e

**Finfinnee:** Baatii gannaatti Oromiyaatti manneen barnootaa kuma sadii olirratti hojiin sadarkaa fooyyessuu hojjetamuu Biiron Barnoota Oromiyaa ibse. Naannicha barnoonni Fulbaana 14 eegalama.

Hogganaan biirichaa Doktor Tolaa Bariisoo akka ibsanitti, manneen barnootaa kuma 27 ol naannichatti argaman keessaa kanneen kuma 23 ta'an sadarkaansanii fooyyeffamuu qaba.

Baatii gannaas manneen barnootaa kuma sadiifi 410 ta'an sadarkaansanii fooyya'uu dubbatanii, kutaaleen dabalataa, manneen kitaabaa, laabaraatooriin, dhiheessiin bishaanii, ibsaafi manneen qulqullinaa ijaaramuu ibsaniiru.

Hojiin sadarkaa fooyyessuu dhalattoota naannichaa biyya alaafi biyya keessa jiran, dureeyyiifi hawaasa guutuu hirmaachisuun hojjetamuu dubbataniiru.

Manneen barnootaa meeshaalee barnootaan guutuun gamatti qulqulluufi hojii baruufi barsiisuuf akka mijatan gochuuf hojiitti galamuu himaniiru. Manneen jireenyaa barsiisoota kuma afurii ol naannichatti ijaaramuus ibsaniiru.

Haala walqabateen hojii baruuf barsiisuu baranaa calqabsiisuuf qophiileen barbaachisan xumuraa akka jiran kaasaniiru.

Hagayya 25 bara 2015 irraa kaasee manneen barnootaa naannichatti argaman hundatti barattoonni galmaa'aa akka jiran eeraniiru.

Hamma ammaattis barattoonni miiliyoona 9.7 galmaa'uu ibsani, barana barumsa idilee duraarraa kaasee barattoota miiliyoona 11 nibaratu jedhaniiru jechuun TOIn gabaaseera.

## Humna jiru qindeessuun karoora xiiqii milkeessuu

Karoora guddina biyyaa milkeessuun baajata mootummaafi tumsa qaamolee muraasaatiin qofa kan hindandaa'amne ta'uu dursee kan adda baase Mootummaan Naannoo Oromiyaa humnoota waloo hundeessuun labtiin raggaasisee inisheetiiviiwwaniin tumsee hojiilee garaa garaa hojjechaa jira.

Labsiiwwan hundeessa humnoota Waloo Caffee Oromiyaatiin ragga'uun hojii irra oolaa jiran kunneenis misooma walooof Tajaajila lammummaa, Haqa Walooof Mana Murtii Aadaa, nageenya walooof Gaachana Sirnaafi rakkoo hawaasummaa walooof Buusaa Gonofaati.

Humnoota waloo kanaanis galmoonni gurguddoon akka biyyaafi naannoo keenyaatti qabaman saffisaan milkaa'aa kaayyoon faayidaa uummataa dhugoomsuus ittiin raawwatamuu danda'ee jira.

Hojiin Tajaajila lammummaa erga eegalamee as Manneen Barnoota Bu'ura Boruu kuma 11,012 ol ijaaramanii xumuramuun tajaajilaaf oolaniiru. Manneen harka qalleeyyii haaraa 87,500 ol ijaaramuun kuma hedduun ammoo suphamee harka qalleeyyiif dabarsuun kennameera. Biqiloonni tajaajila adda addaaf oolan Biliyoonni 18 olis dhaabamaniiru. Tajaajilli Inshuraansii Fayyaa Hawaasaa harka qalleeyyii miliyoona 1.5 oliin kan bitame yoo tau dhiigni yuuniitiin 134,476 arjoomameera.

Buusaan Gonofaa Oromiyaa hundeffamee waggoota lama keessatti miseensota miliyoona 15.3 ol horatee Oromoon duudhaa isaa ganamaatti akka deebi'u daandii ta'uu isaatiin cinatti sababoota uumamaafi namtolcheen lammilee rakkoof saaxilaman kumaatamaaf gaaddisa tauu danda'eera. Humni waloo tokkummaa Oromoo cimsee miira wal tumsaasaas gabbisee daangaa hanga daangaatti walbira dhaabbachuu dandaau keenya mirkaneseera.

Humna walootiin nageenya waloo mirkanaa'e qabaachuun guddina siyaas dinagdeefi hawaasummaa biyya tokkoof

## Humni Waloo

Humna Qabnu Qindeessee Karoora Xiiqii  
Milkeessuun Imala Badhaadhinaa Galmaan Ga'a!



murteessaa ta'uun hubatamee hojii hojjetameen ummanni Gaachana Sirnaan naannoo isaa eeggachaa hojiin misoomaafi ijaarsi sirna jabaa uummataaf tau uummataan eegalame cimsee akka itti fufu ta'eera.

Haqni uummataa dabuun, kakaan sobaan baay'achuufi haqni uumaafi uumamaa dagatamaa dhufuun gufuu guddina duudhaafi aadaa Oromoo ta'uun hubatamee falli isaammoo Mana Murtii Aadaa akka ta'e kan hubate Nootummaan Naannoo Oromiyaa Haqa Walooof Mana Murtii Aadaa hundeesse.

Hundeffamuun Mana Murtii aadaa haqa abbaa haqaaf deebisee dhara saaxilee kabaja eenyummaa ganamaa ulfeessee olkaaseera. Haqa mirkaneseessuu cinatti ummanni keenya fagoo osoo hin imalin, baasiifi dadhabii humnaan oliif osoo hinsaaxilamin aadaafi duudhaa isaatti deebi'ee qe'ee isaatti haqa isaa isa sirrii akka argatu ta'eera.

Tarkaanfileen kunneen qormaataawwan gara carraatti jijjiiruun milkaainootaa saffisiisee imala gara badhaadhinaattiifi namooma jaalala dhugaan tumsee duudhaa keenyaan guddina qabatamaa galmeessaa jira. Kana malees, ilaalama fuulduree milkeessee guddina akka biyyaafi naannoo keenyaatti karoofame dhugoomsuun birmadummaa keenya dafqa keenyaan guutuu taasisaa kan jiru humna waloo keenyadha.

Mootummaan naannoo Oromiyaa humna walootiin Oromiyaa jabduu ijaaree Itoophiyaa sabdaneettii utubee gaanfa Afrikaa tasgabbeessuuf xiyyeeffannoon hojjechaa akkuma jiru ummanni keenya milkaa'ina argame bulfachaa, nageenya isaa tikfachuufi waloomina isaas cimsachuun karoora xiiqii bara 2016 hojii qabatamaatti jijjiiree hiyyummaa seenaa taasisuu keessatti gumaacha isaa akka taasisuu waamicha dhiyeessina. BKO

## Arsii Lixaatti caasaaleen Komunikeeshinii sadarkeeffaman

**Shaashamannee:** Waajjirri Komunikeeshinii Godina Arsii Lixaa aanaaleefi bulchiinsota magaalaa raawwii hojii bara 2015tiin hojii fooyyee hojjachaa turan sadarkeesse.

Waajjirrichi dandeetti gahumsa ogeeyyiifi hoggansaa cimsuuf leenjii mata dureewwan garagaraa irratti kenneera.

Ittigaafatamaan Waajjirichaa Obbo Amiin Galatoo komunikeeshiniin giduu mootummaafi ummataatti hariiroon walhubannaa cimaan akka jiraatu taasisuun mootummaafi ummataa gidduu waldhageettiin cimaan akka jiraatu gochuun hojii bal'aa hojjachaa turuu himuun, keessumattuu maddoota komii uummataa ta'an sadarkaa aanaaleefi bulchiinsa magaalota godinichaatti addaan baasuun qaama dhimmi ilaallu affeeruun komiin ummataa akka furamu taasifamaa turuu eeraniiru.



Obbo Amiin Galatoo

Kana malees iddoowwan seena qabeeyyii Godinichaa maxxansalee biyya keessaafi alaatiin beeksisuun hojiin gaariin hojjatamaa turuu Obbo Amiin himaniiru.

Bara kanas hojii walfakkaataa hojjachuuf dandeetti ogeeyyiifi hoggansaa cimsuuf haala ittifayyadama miidiyaa hawaasaafi pilaatifoormiiwwanii, oduu barreessuu, chaanalota xixxiqaa, qorannaa yaada uummataafi karoora bara 2016 irratti leenjiiin kennameera.

Hirmaattotni leenjii irraatti hirmaatanis leenjicharraa hubannoo kan argatan ta'uu himaniiru.

Dhumarratti aanaaleen hojii bara 2015tiin sadarkaa fooyyeen xumuraniifi ogeeyyii hojii Komunikeeshinii milkeessuu keessatti gahee olaanaa taphachaa turaniif bekkamtiin kennameera.

Haaluma kanaan Aanaan Kokkossaa 1ffaa, Qoreen 2ffaafi

Siraaroo 3ffaa ta'uun sadarkeeffamuu Komunikeeshinii Godina Arsii Lixaa odeeffannoo Bariisaaf ergen eereera.

# ODUU

## Finfinneefi Gaambeellaatti bakka buutoota ajandaa fo'uurratti hirmaatan adda baasuun har'a eegalama

**Finfinnee:** Komishiniin Marii Biyyaalessa Itoophiyaa Finfinneefi Gaambeellaatti bakka buutoota ajandaa fo'uurratti hirmaatan adda baasuun har'a Fulbaana 5 bara 2016 kan eegalama ta'uu beeksise.

Komishinichi ibsa kenneen, hojiin hirmaattoota sirriitti adda baasuu milkaa'ina marichaaf murteessaa waan ta'ef adeemsichi xiyyeeffannoofi ofeeggannoon hojjetama jedheera.

Sadarkaa Finfinneetti hirmaattoota adda baasuuf qaamolee dhimmaamtoota 618f leenjii kennamuusaa Komishinari Olaanaa komishinichaa Piroofessar Masfin Arayaa ibsanii, qaamoleen leenji'an kenneen aanaaleesaniitti bobba'anii hirmaattoota kuma 10 ta'an adda baasanii komishinichaaf

dhiyeessuu himaniiru.

Adeemsichaanis hirmaattonni kutaalee hawaasasaanii keessaa bakka buutoota lama, eeggataa tokko wajjin filatamu jedhanii, haaluma kanaan sadarkaa bulchiinsa magaalichaatti marii ajandaa adda fo'uuf bakka buutonna kuma lamaafi 140 akka hirmaatan ibsaniiru.

Naannoo Gaambeellaa aanaalee 14tti hirmaattoota adda baasuun xumuramuu himanii, hirmaattonni kenneen bakka buutoota ajandaa fo'uurratti hirmaatan akka filatan piroofessar Masfin himaniiru.

Milkaa'ina kanaaf qaamoleen dhimmi isaan ilaallatu waliin ta'insasaa beekamu akka taasisaniifi hirmaannaasaniin akka cimsan waamicha dhiyeessaniiru.



Piroofessar Masfin Arayaa

## Bara bajataa 2016 Oromiyaatti damma toonii kuma 113 omishuuf karoorfame

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Bara bajataa 2016 Naannoo Oromiyaatti damma toonii kuma 113 omishuuf karoorfamuu Biirtoon Qonna Oromiyaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Toleeraa Dabalaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, naannichi omisha dammaaf mijataa kan ta'e potenshaala guddaa qaba.

Potenshaala dammaa biyyattiin qabdu keessaa dhibbantaan 54 naannicha keessatti argama kan jedhan Obbo Toleeraan, hanga ammaatti potenshaalli naannichi qabu itti hin bu'amne jedhan.

Potenshaala kanatti fayyadamuun omishaafi omishtummaa seektara dammaa guddisuuf dhaadannoo "Oromiyaa Galaana Dammaa ni taasisna" jedhu bocuufi inisheetivii dammaa qopheessuun bara 2013rraa eegalee hojiitti galameera jedhan.

Osoo inisheetiviin kun hinqophaa'iin dura damichaaf xiyyeeffannoon hinkennamne jedhanii, inisheetivicha booda xiyyeeffannoo kennameen omishtummaan dammaa waggadhaa gara waggatti dabalaa akka jiru ibsaniiru; bara 2014 toonii kuma 74, bara 2015 immoo toonii kuma 86 omishuun danda'ameera jechuun ibsaniiru.

Karooora qabame kana milkeessuufis aadaarraa gara ammayyaatti ce'uun



dirqama; kanaafis bara 2015 dhaabbilee mitmootummaa garagaraa hirmaachisuufi paakejjiwwan deeggarsaa gara hojiitti hiikuun gaagura ammayyaa kuma 355 dhiyeessuun danda'ameera jedhan.

Karooora bara 2016 milkeessuuf gaagura ammayyaa miliyoona tokko dhiyeessuuf karoorfameera kan jedhan Obbo Toleeraan,

qaamota horsiisa kanniisaarratti bobba'aniif leenjii seektaricha ammayyeessuuf gargaaru kennuuf giddugalli leenjii mataasaa danda'e hundaa'uus ibsaniiru.

Walitti hidhamiinsa gabaa faana walqabatees biirichi qooda fudhattoota garagaraa wajjin Dhaabbata Idiladdunyaa Yunidoo (UNIDO)faa wajjin hojjechaa jira.

Namootni bifa gurmaa'een omisha qulqullina qabu dhiyeessan omishasaniin paarkiiwwan industiriif akka dhiyeessaniifis haalli mijaa'aan uumameera jedhan.

Qaamotni hojii omisha dammaarratti bobba'an gabaa idiladdunyaa keessatti dorgomuuf omisha qulqullina qabu akka omishanis gaafataniiru.

## Bara 2016tti...

olaanaa Adwaa 2ffaa jaarraa kana biyyi keenya gonfattedha jechuun ibsaniiru.

Pirojektii kanarraa ummannii biyya keenyaa bakka abdi kutatetti geggeessaan jijjiramaa bakka du'ee kaasee sadarkaa kanaan gahuunsaa injifannoo amma argame kanaaf abbaa kan ta'uus ibsaniiru.

Ummanni naannichaa simannaa waancaa hanga xumura 2015tti bittaa boondii,

arjoomaafi 8100A dhaan qarshii biliyoona 1,859,406,050 gumaachuus eeraniiru.

Pirojektii hidha haaromsaa guddichaa umurii dheeraa akka qabaatu, biyyoon akka hinguutamnee, lageen guguddoo 11 Oromiyaa keessaa gara hidha haaromsaatti yaa'an akka hingogneef hojiin misooma sulula hidha haaromsaa bara 2015tti lafa hektaara 3,185,331 irratti ummanni 9,369,719 akka hirmaachuus ibsaniiru.

Hirmaannaan ummataa kunis qarshiitti yeroo shallagamu biliyoona 8,885,142,119 ta'a jedhan.

Eega ijaarsi pirojektii kanaa jalqabamee ummanni naannoo Oromiyaa bittaa boondii, arjoomaafi 8100Adhaan waliigala qarshii 4,992,945,779 deggersa olaanaa gumaachuunis ibsameera.

Pirojektii hidha haaromsaa guddichaa

umurii dheeraa akka qabaatu naannoo Oromiyaatti hojiin misooma sulula hidha haaromsaa hanga ammaatti waliigala qarshii biliyoona 56,685,142,119 tilmaamamu hojjetameeras jedhan.

Ummanni naannichaa ijaarsa pirojektii kanaa xumuraan gahuuf akkuma kalleessaa hirmaannaasaa cimsee akka ittifufu waamicha dhiyeessaniiru.

# ODUU

## Abbayyaa: Hidha miira...

Sudaan, Misiriifi Itoophiyaaf eebbaafi guddina Afrikaaf ammoo yeroo dhufu ifaa ta'uusaatiif agarsiistuu ta'uu dubbataniiru.

Itoophiyaan qoramtullee kan salphaatti hinraafamne, waan yaaddu kan milkeeffattu; dhiibbaaf kan hinjilbeeffanne; ta'uushii dhaloonni kun irradeebiin kan mirkaneesse waan ta'eef ibsamni Abbayyaa danuudha jedhan.

Akka ibsa ministira muummeetti; waggoota ittaananitti seenaa qamadii kadhachuu Itoophiyaa ni hafa. Biyya anniisaadhaan baay'otaaf fakkeenyummaashii qooddu taati. Hojiileen qonna, anniisaafi eegumsa naannawaarratti eegalaman ittifufu. Kanneen guddinashii hinbarbaadne ishee jeequuf ni tattaafatu ta'a garuu hinmilkaa'uuf.

"Qormaanni Itoophiyaa furgiggifamuufi guddinaaf kanitti fayyadamnu malee kan jilbeeffannuuf miti" jechuudhaan egereen Itoophiyaa abdachiisaafi Afrikaatti bakka maluuf ittiqabattu; kan namoonni maallaqaafi qamadii muraasaan hinbinne; hinjilbeeffanne; bilisummaa, walta'iinsaafi jaalalaan warra kaan wajjin jiraattu; seera addunyaatiif abboomantu, obbolootashii kabajju, kennitee fudhattu, walta'iinsatti amantu, ollootashii hunda wajjin nagaa, walta'iinsaafi jaalalaan jiraattu ta'uushii gochaan akka mirkaneessitu ta'uu ibsaniiru.

Ministirri Muummeeti Ittaanaafi Ministirri Dhimma Alaa Obbo Dammaqaa Makonnin akka jedhanitti, Abbaay hidha qofa miti. Mandhee bishaanii of danda'eedha. Kun

ammoo hiikasaa dinagdeetiin oggaa fudhatamu bishaan qabate dinagdee Itoophiyaa keessatti faayidaa guddaa qaba.

Imalli hangafa turre, ammas ni taana jedhamu qabatamuus eeraniiru. imala hangafummaa keessatti qabsoo ummata gurraachaa Adwaatiin walqabatee gumaachi Itoophiyaanotaa fakkeenya bilisummaafi hangafummaa ta'uus beeksisaniiru.

Gama biraatiin sadarkaa uumamaatti gaarren kaabaa, horri hangaftichi Xaanaa, lagni guddichi Abbayyaa ammamoo hojii namtolcheetiin hidhiifi horri Itoophiyaanonni walta'ani ijaaran mataansaa hangafa ta'ee mul'achuunsaa; hangafummaan oggaa irree walta'een hojjetamu hiika guddaa kan qabuudha

jedhan.

Walta'uudhaan akkuma hidhichaa seenaa dhugaa ta'e hojjechuun ni danda'ama kan jedhan Obbo Dammaqaa, cimnee rakkoolee hedduus ni ceena jechuun ibsaniiru. Walta'uufi waldhaggeeffachuudhaan rakkoo walii qooddachuufi gara furmaata waaraatti imaluudhaan nageenya fiduun daran barbaachisa jedhan.

Adeemsisaan hojii Hidha Guddicha Itoophiyaa Injiinar Kifle Horoo akka ibsanitti, ijaarsi hidhichaa ammaan tana harka 93 kan qaqqabe yoo ta'u, hojiin siviiliisaas harka 98 ga'eera. Hidha ijoo harka 98 kan qaqqabe yoo ta'u, hidhi 'sadiil' jedhamu guutummaatti xumuramee tajaajila kennuu eegaleera.

## Hidhi laga...

biyyoota ollaatti akka yaa'u ta'a. Bishaan hidhames erga anniisaa maddisiisee booda darbee akka yaa'u taasisuun bara baraan balaa lolaa biyyoota miseensa yaa'a lagichaa qaqqabu xiqqaachaa akka deemu taasia. Keesummaa Sudaanirraa balaa lolaa qaqqabaa ture hir'isa. Biyyooti miseensa yaa'a lagichaa ta'ani anniisaa elektirikii hidhicharraa maddu gatii rakasaan Itoophiyaarraa akka bitatan taasisuun wajjuma biyyootaa cimaa jedhan.

Biyyooti hidhicha ija shakkiin ilaalan tokko tokko keessumaa Misir himanii; bu'aa waloo argamurraa ka'uun walshakkiin biyyoota Afrikaa gidduudhaa dhabamsiisuun dippilomaasiin wayita cimii shakkiin Misir akka hafu ibsaniiru.

Adeemsa yeroo dheeraa keessattis wajjuma biyyoota miseensa yaa'a lagichaa wayita cimii pirojekticha kana gara deeggaruutti akka dhufuu danda'an guutiinsi Hidha Abbayyaa marsaa 4ffaa mul'istuu ta'uu ibsaniiru.

Kaayyoon Itoophiyaa ofii fayyadamtee biyyoota ollaa miidhuuf miti kan

jedhan Ambaasaaddar Diinaan, biyyooti pirojektii kana ija shakkiin ilaalan bu'aa wajjumaan haga ammaatti mul'ataa jirurraa ka'uun humnaafi dippilomaasiin gargaaruu baatanis gufuu ta'uu dhiisanii Itoophiyaa waliin akka hojjetan gaafataniiru.

Dabalataanis, guutiinsi Hidha Abbayyaa marsaa afraffaaf gaggeeffame ummati Itoophiyaa waanirraa eegamu hunda gumaachuun bu'aan argamaa jiru cimaa. Seenaa biyyattii keessattis agarsiiftuu jijjiiramaa isaguddaa ta'ee mul'ataa jira jedhan.

Milkaa'inni Hidha Abbaayyaa hiyyummaa diiguun dinagdee biyyaa guddisuun waan xixiqqooratti waldhiibuufi wal-diiguun hafee wajjoomina ummatoota biyyaalessaa akka cimuufo shooraa olaanaa akka qabu ibsaniiru. Milkaa'ina Hidha Abbaayyaa haga ammaatti galmaa'een onnachuun isa hafe xumuruuf qaamoleen ilaallatu marti tumsaa irraa eegamu hunda akka taasisaniif Ambaasaaddari Diinaan waamicha dhiyeessaniiru.



Aadde Liidiyaa Girmaa wayita ibsa kennanitti

## Ayyaanonni Daamaraafi...

duudhaasanii ganamaa calaqqisiisaniin akka kabajamaniif hojii bal'aan hojjetamaa jira jedhan. Uumamumasaaniitiin ayyaanotni lamaanuu ayyaanota jaalalliifi tokkummaan ummataa itti cimuufti biyya ijaaruu danda'an ta'uu eeraniiru.

Oggaa ayyaanonni kunniin kabajaman qaamoleen akeeka diigumsaa qaban walittibu'iinsa uumuuf socho'u kan jedhan Aadde Liidiyaan, haala kaayyoo diigumsaa kana fashaleessuuf qophiin taasifamuus dubbataniiru.

Raayyaan Ittisa Biyyaa, Miseensotni Tika Biyyaalessaa, Poolisiin Fedaraalaa, Biiron Nageenyafi Tasgabbiifi Poolisiin

Magaalichaa yommuu ayyaanotni kunneen kabajaman hojii nageenya eegsisuurratti nihirmaatu jedhaniiru.

Kanaan dura yommuu ayyaanotni amantiifi ummataa dirreerratti kabajaman wantootni mul'achuu hinqabneefi ummatoota gidduutti jibba facaasan raawwatamaa turuus yaadachiisanii, rakkinoonni akkanaa akka hinmul'anneef qaamolee nageenyaafi hawwaasa magaalatti gidduutti mariiwwan sadarkaa garagaraarratti irra deddeebiidhaan ni taasifamu jedhaniiru.

Ayyaanotni kunniin ayyaana jaalalaa, badhaadhinaafi kan tokkummaa akka ta'aniif Aadde Liidiyaan hawwiisaanii dabarsaniiru.

## Barnoonni SAFUU ...

Oromoo biratti, safuun kan Waaqaati. Namni safuu cabse dhukkubsachuun, maraachuun, maseenuun, nagaa dhabuun isa mudata jedhamee amanama. Oromoon yoo waan qaanii arge ykn gaafa waan Waaqni qofti beeku gaafatame, "Safuu!" jedha.

Safuun waantota hedduun ibsamuu danda'a. Maqaa waamuu dhabuudhaan/diduudhaan ibsamuu mala. Fakkeenyaaf haati haadha warraa maqaa abbaa warraa hintala ishii kallattiidhaan waamuu dhabuun safuun jiraachuu agarsiisuu danda'a.

Kunis, abbaan warraa mucaa argatee, maqaan moggaafameefii, maqicha moggaafametti, "Abbaa..." jedhamee hamma waamamu dandahutti jechuudha.

Duudhaa iccitii ergaa cimaa of keessaa qabu kana bakkatti deebisuufi, egaa Biiron Barnoota Oromiyaa barnoota SAFUU, akkasumas kan ogummaa 'Kiidpiruunarii'

sirna barbootaa keessa galchee dhaloota barsiisuufi hubachiisuuf kan hojjetaa jiruuf.

Biirichi kitaaboti Safuufi 'Kiidpiruunarii' (daa'imman ogummaa kalaqaa barsiisuu) sirna barnootaa keessa galchee barsiisuuf qopheesse kanneen, dheengadda bakka Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Shimallis Abdiisaa, abbootii Gadaa, amantiifi pirezidaantonni yunivarsiitiwwanii argamanitti kan eebbisiise.

Obbo Shimallis haasaa sirnicharratti taasisaniin mootummaan safuufi safeeffannaa ummataa bakkatti deebisuuf barnootarratti xiyyeeffaachuun hojjetaa jira. Kitaabolee Safuufi 'Kiidpiruunarii' sirna barnootaan hammatamanii qophaa'an egeree dhalootaa fooyyessuun dhaloota dorgomaa uumuuf murteessaadha jedhan. Qaamoleen dhimmi barnootaa ilaallatuufi

hawaasni tumsuudhaan barnoonni kunniin akka sirnaan kennamaniif kallattii kennaniiru.

Hogganaan Biiron Barnootaa Doktor Tolaa Bariisoo rakkolee alseerummaa dhalootaa waggoota 31 darbanitti mul'atan maqsuuf kitaabileen Safuufi 'Kiidpiruunarii' sirna barnootaa naannichaatti hammatamanii bara 2016 irraa eegalee hojiirra oolu. Barumsi kennamus dhalooti abbootii amantii, bulchitoota biyyaa, hangafoota kabajuun akka walii yaadan taasisa. Daa'imman ogummaa kalaqaa horachuun garalaafinni dhaloota ittaanu gidduutti akka dagaagu taasisa jedhan.

Walittiqabaan Gumii Dhaabbilee Amantii Oromiyaa Abbaa Saawuroosis kitaabileen kunniin safuu ummataafi ogummaa kalaqaa daa'imman barsiisuuf shooraa olaanaa qabu. Dhalooti abboota amantiifi bulchitoota

biyyaa akka kabaju taasisuun seenaa gaariin ta'ee biyyi akka misoomu taasisa jedhan.

Barreessaan Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo Abbaan Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaas kitaabileen kunniin safuufi safeeffannaa ummataa iddosaa duraatti akka deebi'uuf shooraa olaanaa qabu jedhan. Dhaloota ammaa bira gama safuu ummataa kabajuutiin hanqinni jira jedhanii, hanqina kana sirreessuu keessatti keessumaa barnoonni safuu gumaacha olaanaa akka qabu eeraniiru. Dhalooti sabaafi biyyasaa jaalachuuf safuu Waaqaafi lafaa qabaachuu qabas jedhan.

Akka ibsasaanitti, daa'imman dhalatan waan hawaasniisaanii jaalatuufi jibbu hubachiisuuf safuun barbaachisaadha. Safuufi safeeffannaa ummata Oromoo bakkatti deebisuuf safuun sirna barnootaa keessatti hammatamuun bu'aa guddaa qaba.

# ODUU

## “Jaarraa 21ffaatti..”

Biyyi tun galmee jechootaarrattillee hiyyummaadhaan akka fakkeeffantu wantoota taasisan keessaa inni guddaan walitti bu’iinsuma biyyattiitti irra deddeebiin mul’atuudha jedhanii, walittibu’iinsawwan uumaman kanneeniif sababoota ta’uu kan danda’an immoo iddoo olaantummaa yaadaa afaan qawweetti amanuu, anummaa leellisuu, aadaa dimokraasii dhabuufi waan waliiniiratti xiyyeeffachuu dhabuu ta’uu eeraniiru.

Giddugalummaan biyyoota biraas wantoota biyyattiitti walitti bu’iinsa babal’isan keessaa isa tokkoodha kan jedhan hayyichi, kunis faayidaa dhuunfaa argachuuf jecha

lammii biyya kanaa ta’anii faayidaa biyyaa dabarsanii kennuun diinota biyyattii faana shira xaxuun qaamoni walitti bu’iinsa uuman jiraachuu eeraniiru.

Walitti bu’iinsi uumamaa ture kun karaa kallattiis ta’ee alkallattii hanga har’aatti lubbuu humna omishuu danda’uu galaafachuun dinagdeen biyyattii akka hunkutaa’u gochaa turuus yaadachiisaniiru.

Biyyi tun biyya sabaafi sablamootaa ta’uun, biyya garaagarummaa hedduu qabdu ta’uunshuu walitti bu’iinsa uumamuuf sababa ta’uu akka hindandeenyes eeranii, garaagarummaa jiru mariidhaan furuun

aadeffamuu qaba jedhan.

Garaagarummaan waanuma uumamaan jirudha kan jedhan Doktor Ahmad akaakuun siyaasaa biyyattiin ittiin gaggeeffamaa jirtu (federaalizimiin sabdaneessaa) walitti bu’iinsa kanneeniif sababa ta’uu akka hindandeenye dubbataniiru.


Walitti bu’iinsa hunderraa furuuf duudhaalee ganamaa kan abbootiin biyyattii rakkinoota ittiin furaa turanitti fayyadamuun akka barbaachisus eeranii, “Mariin biyyaalessaa taasifamuuf jiru rakkoo waldhabdee mudachaa jiru kana furuu danda’a abdi jedhun qaba” jedhan.

Pirezidaantiin BMNO Obbo Shimallis Abdiisaas ergaa tibbana bara haaraa sababbeeffachuun dabarsaniin karaan nagaan ala jiru hundi karaa badii ta’uu eeranii, keessumaa barri haaraan bara obbollooni Oromoo itti walwaraanan akka hintaaneeff Mootummaa Naannoo Oromiyaa mariifi araaraaf qophii ta’uu himaniiru.

Humnoota hidhatanii socho’an hundaaf waamicha nagaan buusuu taasisanii, bara haaraatti qaamni kallattii kamiinuu hidhatee Oromiyaa keessa jiru mariin akkasumas waltajjiitti dhufee nagaan Oromoofi qe’ee Oromootiif gumaachasaa bahachuu qaba jedhaniiru.



Pirojektota hawwata turistiif ijaaramaa jiran keessaa



## Oromiyaatti yaa’iinsi ...

gargaaraniifi aadaa Oromoo guddisuuf gargaaran hedduun galmaa’uu kan himan Obbo Huseen, inistiitiyuutichi kitaabolee adda adda qopheessuun hojii dhalootaaf darbu hojjechaa jira. Inistiitiyuutichi hojiilee gama hundaan raawwachaa jiru cimsee itti fufuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Giddugalli Aadaa Oromoo bara darbe Baandii Biiftuu Oromiyaa fayyadamuudhaan hariiroo ummanni Oromoo sabootaafi sablamoota biroo waliin qabu caalaatti cimsuuf hojii guddaa hojjechaa turuu himanii, Komiishiniin Turizimii Oromiyas gama qabeenyawwan hawwata turizimii beeksisuutiin bara darbe hojiilee guguddoo raawwachaa turuu himaniiru.

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa bara darbe sektaroota isa jala jiran waliin hojii milkaa’ina guddaa qabu raawateera kan jedhan Obbo Huseen, baranas sektaroota isa jala jiran waliin qindoominaan hojjechuun bu’aa caalu galmeessisuuf kan hojjetu ta’uu himaniiru.

Hogganaa Ittaanaafi Ittigaafatamaan Damee Aadaa biirichaa Obbo Biraanuu Buuxee akka jedhanitti, hojiileen bara darbe aadaafi duudhaa Oromoo guddisuuf raawwatamaa turaniin bu’aalee guguddoon galmaa’aniiru. Gama iddoowwan hawwata turizimii adda baasuufi beeksisuutiinis hojiileen bu’a qabeessi guddina dinagdee naannichaa ta’e biyyattii utuban hedduun raawwatamaniiru. Iddoowwan hawwata turizimiiif oolanis qo’annoodhaan adda ba’aniiru. Hojii mootummaan naannoo Oromiyaa iddoowwan hawwata turizimii misoomsuuf raawwataa tureen milkaa’inoonni guguddoon galmaa’aniiru.

Iddoowwan hawwata turizimii adda ba’an hawaasa naannawaa hirmaachisuun misoomsuun kallattii hojii ijoo bara kanaa ta’uu himanii, hojiin qabeenyawwan hawwata turizimii beeksisuus caalaatti cimsee

kan ittifufu ta’a. Hojiin misooma ‘Holqa Soof Umar’ Godina Baaleetti qindoomina mootummaa federaalaafi naannichaatiin raawwatamaa jirru yeroo xumuramu dinagdee biyyaa utubuufi hawaasa naannichaa fayyadamaa taasisuu keessatti gumaacha olaanu kan qabu ta’uu himaniiru.

Hojiin ijaarsi Pirojektii Ikkoo Turizimii Haroo Wancii-Dandiis dhiyeenyatti xumuramee tajaajila turizimii kennuu ni jalqaba kan jedhan Obbo Biraanuu, hojiin iddoowwan hawwata turizimii misoomsuu carraa hojii bal’aa uumuun rakkoo hojdhadummaa hir’isuufi dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf hojiin akkasii gara fuulduraatti cimsee kan itti fufu ta’uu himaniiru.

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaatti Hogganaa Ittaanaafi Ittigaafatamaan Damee Turizimii Oromiyaa Obbo Hundee Kabbadaa akka jedhanitti, hojiilee biirichi gama aadaatiin raawwataa tureefi jiru damee turizimiitiif galtee guddaadha. Kanaafuu dameen aadaafi dameen turizimii hidhata cimaa qabu.

Bara darbe hojiilee iddoowwan hawwata turizimii sadarkaa godinaa, aanaafi bulchiinsa magaalatti jiran adda baasuufi beeksisuuf hojiilee raawwatamaniin bu’aawwan gurguddoon galmaa’aniiru. iddoowwan hawwata turizimii kunneen qorachuu qofa osoo hintaane misoomsuufi beeksisuunis barbaachisaadha. Hojiilee bara darbe qabeenya turizimii keenya beeksisuuf raawwatamaniin yaa’iinsi turistii biyya keessaafi alaa dabalaa jiraachus eeraniiru.

Iddoowwan hawwata turizimii naannoo Oromiyaa keessa jiran misoomsuuf pirojektionni gurguddoon mootummaa naannichaafi mootummaa federaalaatiin hopjetamaa jiran hedduu ta’uu himanii, pirojektota mootummaa federaalaatiin hojrtamaa jiran keessaa kan akka ijaarsa

pirojektii Ikkoo Turizimii haroo Wancii-Dandii eeruun ni danda’ama. Ijaarsi pirojektii kanaa yeroo dhiyootti xumuramee tajaajila kan oolu ta’a. Hojiileen iddoo hawwata turizimii misoomsuu mootummaa naannoofi federaalaatiin raawwatamaa jiran yeroo xumuraman damee turizimii naannichaarratti jijjiirama guddaa kan fidu ta’uus himaniiru.

Ayyaana Irreechaa dabalatee festivaalonni Oromiyaa keessatti adeemsifaman yaa’iinsa tuuristii akka dabalaa gochuufi iddoowwan hawwata turizimii caalaatti beeksisuun hojii ijoo baranaa ta’uu eeranii, hojiilee misooma iddoowwan hawwata turizimii jalqabamanii jiran dafanii xumursiisuunis kallattii hojii ijoo baranaa keessaa isa biraa ta’uu himaniiru.

Dameen turizimii naannichaa madda galii ta’uun guddina dinagdee naannichaa ta’e biyyattii akka utubuu taasisuuf sektaroota adda adda wajjin hojjechaa jiraachuu kan himan Obbo Hundee, turizimiin sochii namaatiin walqabata waan ta’eef rakkoo nageenyaa furuun dhimma xiyyeeffannaa olaanaa barbaaduudha.

Waggoota sadan darbanii as turizimiin naannichaa ta’e biyyattii sababa dhibee ‘Koviid-19’fi sababa rakkoo nageenyaa Itoophiyaa kibaatti mudatee tureen qoramaa turuufi erga walwaraansi Kaaba Itoophiyaatti adeemsifamaa ture dhaabbatee as garuu sochiin turizimii naannichaa fooyya’aa jiraachuu himaniiru.

Nageenyi hundumaa dursa. Sochiin turizimii kan jiraatu yoo nageenyi jiraateedha waan ta’eef dhimma nageenya buusuurratti bal’inaan hojjechuun barbaachisaa ta’uu himanii, akka naannoo Oromiyaattis qaamoleen hidhatanii socho’an waan jiraniif nageenya buusuun dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaaduudha. Turistiin socho’uun dura haala nageenyaa waan ilaaluuf mootummaan hojii nageenya mirkaneessuuf

taasisaa jiru cimsee itti fufuu akka qabu dhaamaniiru.

Ayyaanni Irreechaa turistii biyya keessaa dabaluu keessatti gahee olaanaa qabaachuu kan himan Obbo Hundee, turistoonni biyya alaa baay’inaan ayyaanicharratti akka hirmaatan taasisuuf hojii ayyaanicha beeksisuu ittifufinsaa hojjetamuu qaba. Ayyaanichi yaa’iinsa turistii biyya alaa dabaluu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jiraachus himaniiru.

Komiishinari Ittaanaa Komiishinii Turizimii Oromiyaa Obbo Daraaraa Katamaa akka jedhanitti, qabeenya turizimii naannichaa beeksisuufi misoomsuun hojiilee ijoo komiishinichi raawwachaa jiruudha. Naannichi qabeenya turizimii guddaa qabaatus bu’aa barbaachisu irraa argachaa hinturre. Komiishinichi erga hundaa’ee as hojii qabeenyawwan turizimii naannichaa beeksisuufi misoomsuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Hojii gama kanaan raawwatamaa turaniin yaa’iinsi turistoota biyya keessaafi biyya alaa dabalaa dhufeera jedhu.

Bara darbe turisoota biyya keessaa miliyoona 9.5fi turistoonni biyya alaa kuma 237 naannoo Oromiyaa daawwataniiru kan jedhan Obbo Daraaraan, yaa’iinsa turistii biyya keessaarraa galiin qarshii biiliyoona 9.8 akkasumas yaa’iinsa turistii biyya alaarraa galiin qarshii miliyoona 485 kan argame ta’uu eeraniiru.

Hanqinni bu’uraalee misoomaa kanneen akka ibsaa, daandii akkasumas dhaabbilee tajaajila turizimii kanneen akka hoteelaafi rizoortii rakkolee damee turizimiiratti mul’atan ta’uu himanii, rakkoon nageenyaas sochii turistoota daangessuun galiin turizimiirra argamuu waan xiqqeessuuf rakkolee eeraman furuurratti xiyyeeffannaa hojjechuun barbaachisaa ta’uu himaniiru.





BARIISAA



## Luusiiwwan gulaallii waancaa Afrikaatiif Burundii wajjin Finfinneetti ni morkatu

**Bayyanaa Ibraahimiin**

**Finfinnee:** Taphni gareen Kubbaa Miilaa Dubartootaa Biyyaalessaa Itoophiyaa

(Luusiiwwan) gitasaa kan Burundii wajjin Fulbaana 9 Finfinnee Istaadiyeemii Abbabaa Biqilaatti kan adeemsifamu ta'uu Federeeshiiniin Kubbaa Miilaa Itoophiyaa beeksiseera.

Taphichi dura ni adeemsifama jedhamee kan eegamaa ture Ruwaandaatti ta'us, waliigaltee federeeshiinota biyyoota lamaanitiin taphni duraa Fulbaana 9, inni lammataa immoo Fulbaana 15 akka

adeemsifamu ibsameera.

Luusiiwwan tapha gulaallii waancaa Afrikaa kanaaf shaakala dursanii eegaluusaaniis ibsameera.

## Akkaadaamiin ispoortii Itoophiyaa bara 2016tti guddattoota 300 ol simachuuf qophaa'e

**Finfinnee:** Bara bajataa qabame kanatti guddattoota 300 ol ta'an simatee akaakuwwan ispoortii gara garaatiin leenjisuuf qophii xumuruu daariktari olaanaan Akkaadaamii Ispoortii Itoophiyaa Obbo Ambassaa Inniyoo ibsan.

Akkaadaamichi ispoorteessitoota waltajjiwwan addunyaa irratti maqaa biyyaa waamsisaniifi alaaba biyyaa ol kaasanii mul'isan leenjii saayinsaawaa ta'een deeggaramee horachaa jiraachuus himanii, kanaaf immoo iddoon leenjiin itti kennamu mooraa lafa hektaara 24 irra jiruufi keessasaatti immoo; istaadiyeemii, jimnaaziyeemii, kutaalee barnootaafi ciisichaa akkasumas gandaa daakkaa kan sadarkaasaa eeggate akka qabu dubbatu.

Akka ibsasaaniitti; akkaadaamiin waggoota kudhan dura qarshii miiliyoona 290n ijaarame kun waggaa waggaadhaan ispoorteessitoota guddattootaa kutaalee biyyattii gara garaarraa walitti qabee akaakuwwan ispoortii gara garaatiin leenjisa jira.

Ispoorteessitoota bu'aa akkaadaamichaa ta'an keessaa; Atileet Lammeechaa Girmaa gama atileetiksiitiin, Solomoon Tufaa gama World Tukaandootiin, akkasumas Naardos Sisaay gama maarshaal aartiitiin maqaa



dhahuun ni danda'ama.

Akkaadaamichi baranas akaakuwwan ispoortii sagaliin guddattoota 3007 filatee leenjisuuf qophii barbaachisu xumureera.

Hanga ammaatti sochii taasifameen umuriinsaani waggaa 16 gadi kan ta'an guddattootni 3000 galmaa'uu kan himan Obbo Ambassaan, haala ulaagaa taa'ectiin guddattoota 3007 keessaa filatanii gara akkaadaamichaatti kan fudhatan ta'uu TOItti himaniiru.

Haala ulaagaa taa'een calallii darbanii guddattootni leenjichaaf gara mooraa akkaadaamichaatti galan immoo waggoota afuriif leenjii kan fudhatan yemmuu ta'u, kunis giddu galoota leenjii akkaadaamichaa Finfinneefi Asallaa jirutti kan leenji'an ta'a.

Akkaadaamichi bara 2006 irraa eegalee guddattoota leenjise keessaa ispoorteessitoota 250 ta'an akaakuwwan ispoortii gara garaatiin garee biyyaalessaatiif akka filataman taasisuu ragaaleen ni mul'isu.

